

**Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 61/1994 (Akka Fooyya'etti) Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe**

Sirna fo'annoo fi filannoo manneen hojii mootummaa keessatti gaggeeffamu bu'uuraan jijiiruun akka naannootti hojimaata mirkaneeffanna ga'umsa ogummaa fi hojii diriirsuun akkasumas hojjetaan mootummaa sirna kana keessa akka darbu taasisuudhaan pabliik sarvaantii ilaalcha tajaajiltummaa fi aantummaa ummataa gonfatee fi guddina misoomaa naannichi galmeessisaa jiru itti fufsiisu danda'u ijaaruu fi bu'aalee sagantaalee fooyya'iinsa sivil sarvisii gama hooggansa qabeenya namaatiin argaman seera cimsuu fi itti fufsisuu dandeessisu baasuun waan barbaachiseef;

Hojimaata hojjettoota mootummaa manneen hojii mootummaa keessa jiran bifa walfakkaatuun hogganuuf beekumsaa fi dandeettii isaanii haala sirrii ta'een sirna fayyadamuu dandeessisu diriirsuun waan barbaachiseef;

Manneen hojii mootummaa hojjettoota qaban tursiisu fi haaraa alaa hawwachuun dorgomaa ta'uun akka danda'an haala dandeessisuun haalota hojii fooyya'oo diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Labsiwwan hojiirra turan keessatti qaawwa seeraa mul'atu cufuun kira-a-sassaabdummaa fi rakkoo bulchiinsa gaarii pabliik sarviisii keessatti mul'atu dhabamsiisu kan dandeessisu seerri akka jiraatu waan barbaachiseef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa **Fooyya'ee Bahe** Labsii Lak. 46/1994 keewwata 49(3)(a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "**Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.215/2011**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

1) "**Hojjetaa Mootummaa**" jechuun mana hojii Mootummaa naannichaa keessatti nama dhaabbataan qaxaramee hojjetuudha. Haata'u malee, kanneen kanatti aanan hin dabalatu:

(a) Itti Aantoota Hooggantootaa Biiroolee, Itti Aantootaa Komishinarootaa fi kanneen sadarkaa walfakkaatuu fi isaa ol ta'an;

(b) Miseensota Caffee, Manneen Maree Aanaa, Magaalaa fi Gandaa;

- (c) Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa fi manneen marii bulchiinsaa sadarkaa adda addaa irratti argaman;
  - (d) Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa Naannichaa;
  - (e) Miseensota Poolisii Naannichaa;
  - (f) Hojjettoota seera biraatiin Labsii kanaan akka hin hammatamne taasifaman.
- 2) **"Hojjetaa Yeroo"** jechuun nama mana hojii mootummaa keessatti gita hojii amala itti fufiinsa hin qabne yookiin haalli yoo dirqisiisu gita hojii dhaabbataa irratti yeroof qaxaramee hojjetuudha. Ta'us kanneen armaan gadii hin dabalatu:
- (a) Hojjettoota kaffaltiin guyyaan kaffalamaafii hojjetan;
  - (b) Namoota manneen hojii mootummaa keessatti shaakala ogummaaf yookiin leenji gochaaf ramadaman;
  - (c) Namoota hojii daldala dhuunfaa yookiin itti gaafatamummaa ogummaa isaanitiin mana hojii mootummaa waliin waliigaltee taasisuun kaffaltiin raawwatamaafii hojjetan;
  - (d) Ogeessota sababa beekumsa addaa fi dandeettii qabaniin yeroo hojii idilee isaanitiin ala mana hojii mootummaa waliin waliigaltee taasisuun kaffalamaafii hojjetan.
- 3) **"Mana Hojii Mootummaa"** jechuun Labsiidhaan yookiin Dambiidhaan of danda'ee kan hundeffamee fi baajata mootummaan ramadamuuun kan bulu Mana Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 4) **"Biroo"** jechuun Biroo Pabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 5) **"Hoogganaa Ol'aanaa"** jechuun mana hojii mootummaa naannichaa sadarkaa sadarkaan jiran ol'aantummaan kan gaggeessu yookiin itti aantootaa isaati.
- 6) **"Gita Hojii"** jechuun hojjetaa mootummaa tokkoof yeroo hojii guutuutti akka raawwatamuuf hojii fi itti gaafatamummaa qaama aangoo qabuun kennamuudha.
- 7) **"Guddina Sadarkaa"** jechuun hojjetaa mootummaa sadarkaa hojii inni qabatee jiru irraa gara sadarkaa hojii ol'aanutti guddisuudha.
- 8) **"Sirna Mirkaneessaa Gahumsaa"** jechuun hojjetaan mootummaa tokko yookiin namni haaraa qaxaramu gita hojii irratti ramadame yookiin qaxarame irratti gahumsa qabaachuu isaa sirna ittiin mirkanaa'uudha.
- 9) **"Mindaa"** jechuun kaffaltii ka'umsa gita hojii tokkoof murtaa'e, dabala yerootti kennamuu fi iddo hojiitti argamuun hojii hojjetameef kaffaltii dhuma ji'aatti raawwatamu jechuudha.
- 10) **"Haala Hojii"** jechuun sirna walqunnamtii hojii waliigalaa mana hojii fi hojjetaa mootummaa jidduu jiru yoo ta'u, kunis sa'atii hojii, mindaa, hayyamoota adda addaa,

nageenya fi fayyummaa naannoo hojii, haala hojjetaan mootummaa hojii irraa itti gaggeeffamuu fi kaffaltii, raawwii naamusaa fi sirna dhiyeeffannaa komii fi kan kana fakkaatan ni dabalata.

- 11) "**Ramaddii**" jechuun hojjetaan mootummaa tokko gitaa fi mindaa walfakkaatu yookiin gitaa fi mindaa ol ka'aa ta'e yookiin waliigaltee hojjetaatiin sadarkaa gadi aanaa irratti ramaduun hojjechiisuudha.
- 12) "**Tarkaanfii Naamusaa**" jechuun hojjetaan mootummaa kamiyyuu Labsii kana yookiin dambiilee fi qajeelfamoota Labsii kana raawwachisuuf bahan yookiin dambii naamusaa darbuun badii raawwatuuf adabbii itti murtaa'uudha.
- 13) "**Miidhaa Koornayaa**" jechuun iddo hojiitti kan raawwatamu ta'ee, hayyama qaama biraa malee yaada yookiin gaaffii yookiin jecha yookiin gochaa tuttuqaa qaamaa amala qunnamtii saalaa qabu ta'ee, kanneen kanatti aanan ni dabalata:
  - (a) Fedhii qaama biraa malee dhungachuu, qaama namaa tuttuquu, qirqirsuu yookiin gocha tuttuqaawan kana fakkaatan raawwachuu;
  - (b) Haala fedhii saalaa of keessaa qabuun miidhamaa hordofuu yookiin sochii daangeessuu;
  - (c) Raawwii qaxaraa, guddina sadarkaa, jijiirraa, ramaddii, leenjii, barnoota, faayidaalee yookiin dhimmoota hoggansa qabeenya namaa kamiyyuu raawwachuuf yookiin hayyamuuf saalqunnamtii akka haaldureetti kaa'uu.
- 14) "**Mana Maree Bulchiinsaa**" jechuun qaama raawwachiiftuu ol'aanaa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 15) "**Durgoo**" jechuun hojii mootummaatiif akkaataa barbaachisummaa isaatiin mindaa idileen alatti kaffaltii adda addaa raawwatamuudha.
- 16) "**Onnachiiftuu**" jechuun kaka'umsa hojii hojjetaa dabaluudhaaf mindaa idileen alatti maallaqaan yookiin maallaqaan alatti kaffaltii yookiin kennaan raawwatamuudha.

### **3. Ibsa Koornayaa**

Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

### **4. Daangaa Raawwatiinsaa**

- 1) Labsiin kun Mana Hojii Mootummaa fi Hojjetaa mootummaa jedhamee Labsii kanaan hiikni kennameef irratti raawwatiinsa ni qabaata.
- 2) Tumaan keewwata **kana keewwata** xiqqaa 1 jiraatus, Labsiin kun dhimmoota kutaa sadaffaa Labsii kanaa jalatti ilaalaman misooma qabeenya namaa dhaabbilee misooma mootummaa keessa jiran irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

### **Kutaa Lama**

**Gurmaa'iinsa Manneen Hojii, Madaallii Hojii, Iskeelii Mindaa fi Durgoo**

### **5. Gurmaa'iinsa Manneen Hojii Mootummaa**

- 1) Manni hojii mootummaa naannichaa kamiyyuu kaayyoo hundeffameef galmaan gahuuf gurmaa'iinsaa fi fedhii humna namaa barbaachisaa ta'e qoratee Biirichaaf dhiyeessee ni murteessisa.
- 2) Biirichi gurmaa'iinsa manneen hojii qaama raawwachiiftuu naannichaa sirrummaa fi bu'aa qabeessummaa isaa qorachaa fooyya'iinsi yeroo barbaachiisu murtiif Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa.

## **6. Madaallii Hojii**

- 1) Biirichi mala **madaallii** hojii akka biyyaatti filatame manneen hojii mootummaa naannichaa keessatti hojiirra akka ooluu ni taasisa.
- 2) Manni hojii mootummaa naannichaa kamiyyuu, gitoota hojii haaraa sadarkaan isaanii hin murtoofne akaakuu gitoota hojii qopheessee Biirichaaf dhiyeessuudhaan sadarkaa isaanii ni murteessisa.
- 3) Akkaataan madaallii hojii fi sadarkaan itti murtaa'u, Dambii Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

## **7. Iskeelii Mindaa**

- 1) Iskeeliin mindaa hojjettoota mootummaa humna faayinaansii mootummaa, haala waliigala jirenya ummataa, sadarkaalee gatii, haalawwan biroo tilmaama keessa galcheen yeroon qoratamee kan murtaa'u ta'a.
- 2) Biirichi yeroo barbaachisaa ta'ee argametti, manneen hojii mootummaa ilaallatu waliin ta'uudhaan iskeelii mindaa qoratee Mana Maree Bulchiinsaatti murtiif ni dhiyeessa; yeroo hayyamamus raawwii isaa ni to'ata.
- 3) Tokkoon tokkoon ka'umsa iskeelii mindaa fi fiixee, akkasumas gulantaalee dabala mindaa yeroo yeroon taasifamu mul'isu ni qabaata.

## **8. Hojiiwwan Gatii Walqixa Qabaniif Mindaa Walqixa Kaffaluu**

Hojiiwwan gatii walqixa qaban hundi ka'umsa mindaa walqixa ni qabaatu.

## **9. Kaffaltii Mindaa**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu, dhuma ji'aatti hojjettoota isaatiif yookiin bakka bu'oota seeraa isaaniitiif kaffaltii mindaa ni raawwata.
- 2) Mindaan hojjetaa mootummaa kamiyyuu:
  - (a) Hojjatichi waliigaltee isaa barreeffamaan yoo ibse yookiin mallatoon yoo mirkaneesse;
  - (b) Ajaja Mana Murtiitiin;
  - (c) Bu'uura seeraan tumameen yoo ta'e malee qabamuu yookiin hir'ifamuu hin danda'u.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqa 1 (b) yookiin (c) tiin, mindaan hojjetichaa ji'aan kan citu mindaa isaa ji'aa keessaa harka sadii keessaa harka tokko caalu hin qabu.

## **10. Durgoo**

- 1) Durgoon kamiyyuu kan kaffalamu hojji mootummaa raawwachuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame qofadha.
- 2) Biirichi gosa durgoo adda addaa fi onnachiiftuuwwanii qorachuudhaan murteef Mana Maree Bulchiinsaatiif ni dhiyeessa; yoo hayyamame raawwii isaa ni to'ata.

### **Kutaa Sadii**

**Karoora Qabeenya Namaa, Bobba'iinsaa fi Madaallii Raawwii Hojii**

**Kutaa Xiqqaa Tokko**

**Fo'annoo fi Filannoo**

## **11. Karoora Qabeenya Namaa**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu, karoora qabeenya namaa kaayyoowwan karoora tarsiimoo isaa irratti tarreffaman galmaan gahuuf, fedhii qabeenya namaa tilmaamuuf, humna namaa barbaachisu baay'innaa fi gosaan guuttachuuf, misoomsuuf, sirnaan itti fayyadamuuf tarkaanfiiwwan garagaraa fudhachuu fi bu'aa isaa yeroo yeroon madaaluun fooyya'iinsa taasisuudha.
- 2) Manni hojii mootummaa kamiyyuu, karoora tarsiimoo isaa bu'uureffachuun karoora qabeenya namaa kan yeroo gabaabaa, giddugaleessaa fi dheeraa qorachuun hojiirra oolchuu qaba.
- 3) Gitoota hojii duwwaa hojjettootaan qabsiisuun kan danda'amu, karoora qabeenya namaa bu'uureffachuun guddina sadarkaatiin yookiin qaxaraan yookiin jijiirraan yookiin ramaddiin ta'a. Karoora qabeenya namaa ilaalchisee Biirichi Qajeelfama raawwii ni baasa.

## **12. Sirna Seensaas fi Mirkaneessa Gahumsaa Manneen Hojii Mootummaa**

- 1) Biirichi gitoota hojii duwwaa irratti hojjettooni dorgommiin haala itti qaxaramaniifi guddatan sirna seensaas fi mirkaneessa gahumsaa diriirsuu dandeessisu madaalliiwwanii fi safartuulee akka biyyaatti qophaa'an ka'umsa godhachuu haala qabatamaa naannichaatiin ni qopheessa.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame sirna seensaas fi mirkaneessa gahumsaa dhaabbatni raawwachiisuu hundaa'uu yookiin qaama hundaa'ee jiruuf aangoon kennamuu ni danda'a.
- 3) Haalli hojiirra oolmaa madaalliiwwanii fi safartuulee Dambii Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

## **13. Fo'annoo fi Filannoo**

- 1) Qaxarriin hojjettoota mootummaa kan raawwatamu, bu'aa qormaataa, ulaagaalee madaallii akka naannootti bahuun kennamuun yookiin ogummaa fi mirkaneessa gahumsaa qabatamaa ta'e gosa kamiinuu mirkanaa'u qofa irratti hundaa'een ta'a.

- 2) Hojii barbaaddootas ta'ee hojjettoota mootummaa gidduutti; sabummaa, koornayaa, amantaa, miidhaa qaamaa, sababa dhibee HIV/AIDS'n, ilaalcha siyaasaa fi haala biraa kamiinuu garaagarummaa taasisuun dhorkaadha.
- 3) Labsii kana keewwata 48 - 51'tti tumaleen haala hojii kutaalee hawaasaa tarkaanfii deeggarsaa barbaachisu ilaalchisee tumaman akkuma jiranitti ta'anii, gita hojii duwwaa irratti hojjetaan kan ramadamu dandeettiiwan barbaachisaa hojichi gaafatu kan guutu yoo ta'ee fi dorgomtoota biroo wajjin dorgomee qabxii caalmaa yoo argateedha.

#### **14. Haalawwan Hojjetaa Mootummaa Ta'anii Qaxaramuu Hin Dandeessifne**

- 1) Hojjetaa mootummaa ta'ee nama qaxaramuu hin dandeenyeh:
  - (a) Umriin isaa wagga kudha saddeetii (18) gadi ta'e;
  - (b) Yakka malaammaltummaa, amantaa hir'isuu, hanna fi gowwoomsuu yookiin dirqisiisee gudeeduu raawwatee Mana Murtii aangoo qabuun kan itti murtaa'ee fi hin moggaaffamne kamiyyuu;
  - (c) Ragaa mirkanneessa gahumsaa hin qabne;
  - (d) Akkaataa Labsii kana keewwata 17 tiin kakuu raawwachuuf hayyamamaa kan hin taane yoo ta'eedha.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hojjetaa mootummaa mana hojii mootummaa kamiyyuu irraa sababa hanqina naamsaatiin hojii irraa gaggeeffame guyyaa gaggeeffame irraa eegalee wagga shan osoo hin guutiin dura qaxaramuu hin danda'u.
- 3) Keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1(c) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, namni hojjetaa mootummaa ta'ee qaxaramuuf iyyate kamiyyuu gahumsa isaa mirkaneessuuf dhibee HIV/ADIS irraa kan hafe ragaa yaalaa fayyummaa isaa mirkaneessuu fi akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b) jalatti ibsameen yakkoota irraa bilisa ta'uu mirkaneessuuf Poolisii irraa ragaa kennameef dhiyeeffachuuf dirqama qaba.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti kan ibsame jiraatus, dargaggoota umriin isaanii wagga 14 ol ta'eefi 18 hin guutne haalawwan itti qaxaramanii fi haala hojii isaanii Biirichi Qajeelfama raawwii ni baasa.

#### **15. Qaxara Lammilee Biyyaa Alaa**

Dhalattoota Itoophiyaa lammummaa biyya alaa qaban ilaalchisee mirgootni seera biraatiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, namni lammummaa Itoophiyaa hin qabne tokko hojjetaa mootummaa ta'ee qaxaramuu hin danda'u.

#### **16. Beeksisa Baasuu fi Haala Raawwii Qaxaraa**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu, gita hojii duwwaa yoo qabaate beeksisa baasuudhaan iyyatoonni akka galmaa'an affeeruu qaba.

- 2) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jiraatus, manni hojii mootummaa kamiyyuu ogummaalee gabaa irratti hanqina qaban yookiin gabaa irraa akka salphaatti hin argamne Dhaabbiilee Barnoota Ol'aanaa waliin qunnamtii uumuudhaan eebbfamtoota affeeroon dorgomsisee qaxarrii raawwachuu ni danda'a.
- 3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin eebbfamtootni qaxaraman akkaataa Labsii kana keewwata 14(1)(c) irratti ibsameen **ragaa** mirkaneessa gahumsaa dhiyeessuu qabu.
- 4) Haala raawwii qaxara hojjettoota mootummaa ilaalcissee Biirichi qajeelfama raawwii ni baasa.

## **17. Kakuu**

Kaadhimamaan filame osoo hojii hin jalqabiin dura kakuu kanatti aanee jiru ni raawwata: "Ani \_\_\_\_\_ hojjetaa mootummaa ta'uu kootiin waan hundaa ol taasisee dhugaadhaan, amanamummaa fi naamusaa gaariin ummata tajaajiluuf, imammatoota mootummaa raawwachuuf yeroo kamiyyuu Heeraa fi seerota biyyaatti kabajuu fi iccitii sababa hojii kiyyatiin beekee fi seeraan yookiin murtii qaama dhimmi ilaallatuun iccitummaan adda bahan qaama biraan kamiifiyyuu kan hin ibsine ta'uu koo waadaa nan gala."

## **18. Haala Mindaan Qaxarrii Itti Murtaa'u**

Hojjetaan mootummaa haaraa qaxaramu kamiyyuu, akkaataa iskeelii mindaa hojjettoota mootummaatiin gita hojii irratti ramadamuuf mindaan ka'umsaa sadarkaa gita hojichaaf murtaa'e ni kaffalamaaf.

## **19. Yeroo Yaalii**

- 1) Kaayyoon yeroo yaalii hojjetaan mootummaa haarawa qaxarame tokko haala raawwii hojii isaa hordoffii taasisaa gahumsa isaa mirkaneessuuf ta'a.
- 2) Iyyataa filatameef waamama gita hojii, sadarkaa itti ramadame, mindaa fi guyyaa hojii jalqabu kan ibsu itti gaafatamaa olaanaa mana hojii yookiin hojjetaa qaxaruuf itti gaafatamaa hojii bakka bu'iinsi kennameefiin mallatteeffamee xalayaan qaxara yaalii ibsa akaakuu hojii gita hojichaaf waliin ni kennamaaf.
- 3) Yeroon yaalii hojjetichaa gita hojii qaxarame irratti ji'oota jahaaf ta'ee, bu'aan madaallii raawwii hojii isaa giddugaleessaa gadi ta'ee yoo argame, yeroo yaalii isaa ji'oota itti aanan sadiif dheeressuun ni danda'ama.
- 4) Yeroo yaalii dheerate keessatti hojjetichi qabxii madaallii raawwii hojii waliigalaatiin giddugaleessa yookiin sanaa ol galmeessisu yoo baate, hojiirra ni gaggeeffama.
- 5) Tumaaleen Labsii kanaa keewwata 59 keewwata xiqqaa 3 fi 4 akkuma eegametti ta'ee, hojjetaan mootummaa yaalii irra jiru sababa dhukkubaan yookiin miidhaa hojii isaa waliin walqabateen hojii irraa kan hafe yoo ta'e, yeroo yaalii isaa osoo hin xumuriin

hafe yeroo dhukkubaa yookiin miidhama isaa irraa fooyya'u irraa eegalee akka xumuru ni taasifama.

- 6) Hojjetaan mootummaa qaxara yeroo yaalii irra jiru, haala humnaa ol ta'een yeroo ji'a tokko hin caalleef kan hojii irraa hafe yoo ta'e, yeroo hojii irratti argamee qofti herregamee madaalliiin raawwii hojii isaa ni guutamaaf.
- 7) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti kan tumame jiraatus, hojjettuu qaxara yeroo yaalii sababa dahumsatiin yeroo ji'a tokkoo ol ta'eef hojii irratti hin argamne hayyamni dahumsa isheeakkuma xumurameen yeroon yaalii itti fufte akka xumurtu taasifama. Ta'us, yeroon hojii irratti hin argamin ji'a tokko gadi yoo ta'e madaallii raawwii hojii yeroo hojiirra turte herregamee ni guutamaaf.
- 8) Labsii kanaan haala addaatiin yoo tumameen alatti hojjetaan yeroo yaalii irra jiru mirgaa fi dirqama hojjetaan yeroo yaalii xumure qabu hunda ni qabaata.
- 9) Itti gaafatamaan hojii hojjetaa yeroo yaalii irra jiruuf yeroo isaa eegee madaallii raawwii hojii yoo guutuu baate naamusaan ni gaafatama.

## **20. Hojjetaa Mootummaa Dhaabbataa Ta'u**

- 1) Hojjetaan mootummaa yeroo yaalii isaa bu'aa madaallii raawwii hojii giddugaleessaa fi isaa ol galmeessise xalayaan hojjetaa dhaabbataa ta'u isaa mirkaneessu ni kennamaaf.
- 2) Hojjetaa mootummaa yeroo yaalii irra jiruuf bu'aan madaallii raawwii hojii yeroo isaa eegatee yoo/osoo hin guutamiin hafe Labsii kana keewwata 19 (3) fi (4) tiin tumaawan jiranakkuma jirutti ta'ee, ji'a tokko keessatti madaalliiin raawwii hojii isaa akka guutamuuf ta'ee guyyaa yaaliif qaxarame irraa eegalee hojjetaa mootummaa dhaabbataa ta'a.

## **21. Hojjetaa Yeroo Qaxaruu**

- 1) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 tiin ibsameakkuma eegametti ta'ee, manni hojii mootummaa kamiyyuu hojjetaa yeroo qaxaruu kan danda'u gita hojii amala itti fufiinsaa hin qabne irratti ta'a. Ta'us haalootni yoo dirqisiisan gita hojii dhaabbataa irratti hojjetaa yeroo qaxaruun ni danda'ama.
- 2) Manni hojii mootummaa tokko gita hojii duwwaa ogeessa olaanaa gaafatu kamiyyuu irratti guddina sadarkaa, jijiirraa yookiin qaxaraan ogeessa lammii Itoophiyaa ta'e argachuu kan hin dandeenye ta'u yoo mirkaneeffate lammii biyya alaa yeroof qaxaruu ni danda'a.
- 3) Hojjettoota yeroo lammummaa Itoophiyaa yookiin biyya alaa qaban ilaachisee haala qaxara, mirgaa fi dirqama qaban akkasumas haalawwan hojii Dambii Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

## **22. Hojii Qaama Sadaffaaf Waliigalteen Dabarsanii Hojjechisuu**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu barbaachisaa ta'ee yoo argamu Biiricha hayyamsisuun gitoota hojii faayidaa ummataa hin miine muraasa yookiin hojiwwan dhaabbilee dhuunfaaf yookiin dhaabbilee biroof waliigalteen dabarsuun akka hojjetaan gochuu ni danda'a.
- 2) Biirichi hojiwwan dhaabbilee dhuunfaa fi dhaabbilee biroof waliigalteen dabarfamuu danda'an irratti qajeelfama raawwii ni baasa.

### **23. Hojjetaa Mootummaa Waliin Qaxaruu**

- 1) Manneen hojii mootummaa hojii isaaniitiif daran barbaachisaa ta'ee yoo argame hojjetaa beekumsaa fi dandeettii ogummaa addaa qabu waliin qaxaruu ni danda'u.
- 2) Haalli qaxarrii, yeroon turmaata qaxarrii, kaffaltii mindaa fi haalawwan hojii biraa ilaalchisee qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Xiqqaa Lama**

**Guddina Sadarkaa**

### **24. Kaayyoo Guddina Sadarkaa**

Kaayyoon kenniinsa Guddina Sadarkaa; hojin hojjetaa gahumsa qabuun akka raawwatamu dandeesisu, bu'aa raawwii hojii mana hojichaa fooyyeessuu fi hojjetaa jajjabeessuufiidha.

### **25. Haala Kenniinsa Guddina Sadarkaa**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu guddina sadarkaaf dorgomuudhaaf bu'uura Labsii kana keewwata 12 (1) tiin ragaa mirkaneeffanna gahumsa kennname dhiyeeffachuu qaba.
- 2) Hojjetaan mootummaa yeroo yaalii qaxara isaa xumure, raawwii qajeelfama guddina sadarkaa keessatti haalawwan dorgomuuf isa dhorkan yoo jiraataniin ala guddina sadarkaa gita hojii duwwaa manni hojichaa baasuu irratti iyyachuudhaan dorgomuu ni danda'a.
- 3) Tareeffamni haalawwan raawwii Kenniinsa Guddina Sadarkaa biroo qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Xiqqaa Sadi**

**Jijiirraa fi Ramaddii**

### **26. Jijiirraa Keessaa**

- 1) Manni hojii mootummaa tokko hojii isaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame, hojimaata ifa ta'e hordofuudhaan hojjetaa mootummaa tokko mana hojichaa keessatti sadarkaa gita hojii fi mindaa walfakkaatu irratti yookiin bakka hojii tokko irraa gara bakka hojii kan biraatti jijiirruudhaan hojjechiisuu ni danda'a.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, mana hojichaa irratti balaan akka hin qaqqabne ittisuuf yookiin miidhaa balaan kun qaqqabsiise sirreessuuf

hojjetaa mootummaa tokko mindaan isaa osoo hin hir'ifamin yeroo waggaan tokko hin caalleef jijiiruun hojjechisuun ni danda'ama.

- 3) Hojjetaan mootummaa sababa rakkoo fayyummaatiin gita hojii qabate irratti yookiin bakka hojjetaa jiru irratti hojjechuu kan hin dandeenye ta'uun isaa ragaa mana yaalaatiin yoo mirkanaa'ee:
  - (a) Gitni hojii duwwaa sadarkaa walfakkaatu itti ramadamuu danda'u yoo jiraate sadarkaa qabateen; yookiin
  - (b) Sadarkaan gita hojii duwwaa walfakkaatu kan hin jirre yoo ta'ee fi hojjetichi sadarkaa gadi aanaa irratti hojjechuuf hayyamamaa yoo ta'e sadarkaan isaa hir'ifamee gara gita hojii yookiin bakka hojii isaaaf mijaa'uutti ni jijiirama.
- 4) Gitni hojii hojjetaa mootummaa tokkoo kan haqame yoo ta'e, mana hojii isaa keessatti gara gita hojii sadarkaa walfakkaataa qabuutti ni jijiirama.

## **27. Eggatummaadhaan Hojjechiisuu**

- 1) Hojjetaa mootummaa tokko haalli dirqisiisaan yoo jiraate yeroo waggaan tokkoo hin caalleef gita hojii sadarkaa olaanaa ta'e irratti eeggatummaan akka hojjetu taasisuun ni danda'ama.
- 2) Tumaan keewwata kana keewwata xiqaan 1 jiraatus, hojjetaa mootummaa barnoota yookiin leenjii waggaan tokko ol ta'e fudhachuuf deeme bakka buusuuf yookiin hanga yeroo barumsichi yookiin leenjichi fudhatutti gita hojichaa irratti hojjetaa biroo ulaagaa ifa ta'een dorgomsiisuun eeggatummaadhaan hojjechisuun ni danda'ama.
- 3) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu eeggatummaadhaan akka hojjetu yammuu taasifamu durgoon eeggatummaa iddichaaf ramadame ni kaffalamaaf.
- 4) Haala hojjetaan mootummaa eeggatummaan ramadamu, durgoon eeggatummaa itti kaffalamuu fi hanga isaa Biirichi qajeelfama raawwii ni baasa.

## **28. Jijiirraa Alaa**

- 1) Manni hojii mootummaa tokko hojiidhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argamee fi manni hojii fudhatuu fi kennu, akkasumas hojjetaan yoo waliigale hojjetaa mootummaa tokko sadarkaa gita hojii fi mindaa walqixa ta'e irratti qajeelfama hordofuun dorgomsiisee jijiiruun Biiricha beeksisuu qaba.
- 2) Manneen hojii mootummaa Naannoo Oromiyaa, manneen hojii naannoolee biroo fi manneen hojii mootummaa Federaalaa yoo waliigalan, akkasumas Biirichi yoo mirkaneesse hojjetaa mootummaa tokko naannoo biroo fi manneen hojii mootummaa federalaa irraa gara manneen hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti sadarkaa fi mindaa walqixa ta'e irratti jijiiree hojjechiisuu ni danda'a.
- 3) Hojjetaan mootummaa sadarkaa gita hojii walfakkaataa irratti qaxaramuuf iyyate, dorgomiidhaan yoo filatame sirna jijiirraatiin akka ramadamu ni taasifama.

- 4) Abbaa warraa fi haadha warraa walitti fiduuf jecha, hojjetaa mootummaa tokko sadarkaa fi mindaa walfakkaataa irratti yookiin sadarkaa fi mindaan walfakkaataan yoo hin argamne ammoo waliigaltee hojjetichaan sadarkaa gadi aanaa irratti jijiiruudhaan hojjechiisuun ni danda'ama.
- 5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, bu'uura keewwata kanaatiin hojjetaan jijiiramu, akkaataa seerri hojjettoota mootummaa naannoo ajajuun sadarkaa gita hojii duraan qabatee fi sababa bara tajaajila isaatiin mindaa fi mirgoonni biroo argachaa ture jalaa hin hir'ifamu.
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 – 5 **jalatti** kan **tumaman** akkuma jirutti ta'ee, Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojiidhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame hojjetaa mootummaa tokko mana hojii mootummaa tokko irraa gara mana hojii mootummaa biraatti jijiiree hojjechiisuun ni danda'a.
- 7) Tumaa keewwata kana keewwata xiqqaa 6 ilaalcisee Manni Maree Bulchiinsaa qajeelfama raawwii ni baasa.

## **29. Jijiirraa Ergisaa**

- 1) Manni hojii mootummaa erguu fi hojjetichi yoo waliigalan, hojjetaan mootummaa mana hojii mootummaa biraa yookiin mana hojii mootummaa naannoo yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee miti mootummaa yeroo wagga tokko hin caalleef ergisaan jijiiramee akka hojjetu taasisuun ni danda'ama.
- 2) Manni hojii mootummaa kamiyyuu hojiidhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame mana hojii mootummaa naannoo yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin dhaabbilee miti mootummaa irraa hojjetaa tokko yeroo wagga tokko hin caalleef ergisaan jijiiree hojjechiisuun ni danda'a.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, mootummaan naannichaa balaa naannoo yookiin ummata irra gahu tokko ittisuuf yookiin balaan erga gahee booda miidhaa geessise sirreessuf jecha hojjetaa mootummaa tokko mindaa qabateen mana hojii mootummaa naannichaa tokko irraa gara mana hojii mootummaa biraatti yeroo wagga tokko hin caalleef ergisaan jijiiree hojjechiisuun ni danda'a.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hojjetaan ergisaan **jijiirame**:
  - (a) Mindaa fi faayidaan isaa kamiyyuu sababa jijiirichaatiin osoo irraa hin hir'ifamiin, mana hojii ergisaan jijiiree hojjechiisuun ni raawwatamaaf.
  - (b) Bu'aan madaallii raawwii hojii mana hojii jijiirraa ergisaan fudhatee hojjechiisuun guutamee mana hojii hojjeticha qaxareef ni darba.
  - (c) Badii naamusaa kan raawwate yoo ta'e, manni hojii ergisaan fudhate tarreeffama ragaa waliin mana hojii qaxareef ni beeksisa; manni hojii qaxares dhimmicha qoratee tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata.

## **30. Ramaddii**

- 1) Manni hojii mootummaa gurmaa'iinsa haaraa qoratee hojiirra yoo oolche hojjettoota isaa dorgomsiisuudhaan ramadee hojjachiisuu qaba.
- 2) Gitni hojii duwwaa mana hojii mootummaa kamiiyyuu keessatti argamu, hojjetaa mootummaa mana hojii mootummaa biraa irraa dhufaan ramaddiin akka qabamu kan taasifamu, manni hojii isaa yoo cufame yookiin humni namaa hanga barbaadamuu ol yoo jiraate yookiin gitni hojii yoo haqamee fi Biirichi ramaddicha yammuu murteessu yookiin mootummaadhaan yoo ajajameedha.
- 3) Bu'uura keewwata kanaatiin hojjetaan ramadamu mindaa fi faayidaaleen sababa bara tajaajila isaatiin dursee argachaa ture jalaa hin hir'ifamu.
- 4) Hojjetaan mootummaa dhaabbataa sababa muudamaan gita hojii irratti ramadamee ture irraa yoo ka'e, muudama irraa yeroo ka'u muuxannoo fi barnoota qabuun gita hojii isaaf malu irratti beekamtiil Biirichaan ni ramadama.

**Kutaa Xiqqaa Afur**

**Haala Raawwii Hojii**

## **31. Madaallii Raawwii Hojii**

- 1) Kaayyoon madaallii raawwii hojii karoora hojii irratti kan bu'uureffate ta'ee:
  - (a) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu hojii isaa baay'ina, qulqullina, yeroo fi baasii eegamuun haala guutuu ta'een akka raawwatu gochuuf;
  - (b) Madaallii raawwii hojii itti fufiinsa qabu gaggeessuun ciminaa fi hanqina hojjetaa mootummaa adda baasuun raawwiin hojii isaa itti aanu akka fooyya'u fi bu'a qabeessa ta'u gahoomsuuf;
  - (c) Fedhii leenjii fi fooyya'iinsa hojjetaa mootummaa sirriitti adda baasuun beekuuf;
  - (d) Onnachiiftuu bu'aa irratti hundaa'e kennuuf;
  - (e) Manni hojii mootummaa ragaa qabatamaa irratti hundaa'ee murtiwwan bulchiinsaa akka kennu dandeessisuufiidha.
- 2) Sirni madaallii raawwii hojii manneen hojii motummaa keessatti hojiirra oolu:
  - (a) Ragaa qabatamaa fi ifa ta'e irratti hundaa'uun bu'aa madaallii raawwachuuuf kan dandeessisu;
  - (b) Hojiin raawwatame baajata ramadame, yeroo, baay'inaa fi qulqullina hojii waliin walbira qabuun bu'aa sirrii ta'e madaaluuf kan dandeessisu;
  - (c) Hojimaata garee fi kaka'umsa waliinii kan guddisu;
  - (d) Hojjettoota mootummaa yookiin gareewwan gidduutti miira waldorgommii hojii fayyalessa uumuudhaan bu'aa mana hojii fooyyessuuf kan gargaaru;

(e) Raawwii hojii walitti fufiinsa qabuu fi hojiwwan waldeeggaran gidduutti bu'aan hojii isa tokkoo isa biraa irratti dhiibbaa geessisuu danda'u gamaggamuuf kan dandeessisu ta'uu qaba.

### **32. Haala Daballii Mindaa fi Onnachiiftuun Itti Murtaa'u**

- 1) Hojjetaan mootummaa dabalata gulantaa mindaa kan argatu bu'aa madaallii raawwii hojii irratti bu'uureffachuun wagga lama lamaan ta'a.
- 2) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqa 1 akkuma jirutti ta'ee, bu'aa raawwii hojii bu'uureffachuun hojjetaa mootummaaf onnachiiftuun ni kennama.
- 3) Sirna raawwatiinsa madaallii raawwii hojii, dabala gulantaa fi onnachiiftuu haala itti kennamuu danda'u ilaachisee Biirichi qajeelfama raawwii ni baasa.

**Kutaa Afur**

**Sa'atii Hojii fi Hayyama**

**Kutaa Xiqqa Tokko**

**Sa'atii Hojii**

### **33. Sa'atii Hojii Idilee**

Sa'aatiin hojii idilee hojjettoota mootummaa akkuma haala hojichaa fi qilleensaatiin kan murteeffamu ta'ee, torbanitti sa'atii 39 caaluu hin qabu.

### **34. Sa'atii Seensaa fi Ba'iinsa Hojii**

Sa'aatiin seensaa fi ba'iinsa hojii hojjettoota mootummaa akkaataa dambii Manni Maree Bulchiinsaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

### **35. Hojii Sa'atii Idileen Alaa**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu hojii sa'atii idileen ala hojjeteef boqonnaan bakka bu'u kan kennamuuf ta'ee, haalli dirqisiisaan yoo jiraate kaffaltiin ni raawwatamaaf.
- 2) Haalota hojiin sa'atii idileetiin ala itti hayyamamu, kaffaltii fi haala boqonnaan bakka buusuu kennamu Biirichi qajeelfama raawwii ni baasa.

### **36. Ayyaana Ummataa fi Guyyoota Boqonnaa Torbanii**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu, ayyaana ummataa, guyyoota boqonnaa torbanii yookiin murtii mootummaatiin manneen hojii cufaa ta'anii oolan hojjechuu dhabuu isaatiin mindaan idilee isaf kaffalamu irraa hin hir'ifamu.
- 2) Hojjetaa mootummaa haalli hojichaa dirqisiisee guyyoota ayyaana ummataa yookiin murtii mootummaatiin manneen hojii cufaa ta'anii oolan akka hojjetu yoo ajajame boqonnaan bakka bu'u kan kennamuuf ta'ee, haalli dirqisiisaan yoo jiraate kaffaltiin ni raawwatamaaf.
- 3) Tumaan Labsii kana keewwata 35 keewwata xiqqa 1 jiraatuyyuu, haalli hojii dirqisiisee guyyoota boqonnaa torbanii akka hojjetu hojjetaan mootummaa ajajame

guyyaa hojii torban itti aanu keessatti boqonnaa bakka buufamuun akka kennamuuf ni taasifama.

### Kutaa Xiqqaa Lama

#### Hayyama

#### 37. Kaayyoo Hayyama Boqonnaa Waggaa

- 1) Hayyamni boqonnaa waggaa kan kennamu hojjetaan mootummaa yeroo murtaa'eef boqatee tajaajila hojii isaa miira haaromeen akka itti fufu dandeessisuudha.
- 2) Hojjetaan mootummaa haarawa qaxarame kamiyyuu tajaajila ji'ota kudha tokko kennuu isaatiin dura mirga hayyama boqonnaa waggaa argachuu hin qabu.
- 3) Hayyamni boqonnaa waggaa maallaqaan hin jijiiramu.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, tajaajilli hojjetichaa kan addaan citee fi hayyamni boqonnaa waggaa barbaachisummaa hojiitiin kan hin kennamneef ta'uun isaa yoo mirkanaa'e gara maallaqaatti jijiiramee ni kaffalamaaf. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### 38. Guyyoota Hayyama Boqonnaa Waggaa

- 1) Hojjetaan mootummaa waggaa tokkoo tajaajile hayyama boqonnaa waggaa guyyoota hojii 20 ni argata.
- 2) Hojjetaan waggaa tokkoo ol tajaajile tajaajila dabalataa waggaa tokko tokkootiif guyyaan hojii tokko tokko irratti idaa'amee hayyama boqonnaa waggaa ni argata; ta'us hayyamni boqonnaa waggaa tokko keessatti kennamuuf guyyoota hojii 30 caaluu hin qabu.
- 3) Tajaajilli duraan mana hojii mootummaa biraa keessatti kenname raawwii keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin kan herregamu ta'a.

#### 39. Kenniinsa Hayyama Boqonnaa Waggaa

- 1) Hayyamni boqonnaa waggaa karoora mana hojichaa bu'uura taasifachuudhaanii fi hanga danda'ametti akkaataa fedhii hojjetaa madaaleen sagantaa qophaa'uu fi hojjetichiis akka beeku taasisuun bara baajatichaa keessatti ni kennama.
- 2) Hojjetaan boqonnaa waggaa yeroo fudhatu mindaa ji'a itti boqonnaa irra turu dursee fudhachuu ni danda'a.
- 3) Tumaan Labsii kana keewwata 37 (2) jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, hojjetaan mootummaa tokko ji'ota kudha tokko erga xumuree booda bara baajataa tajaajila kenne keessatti baay'ina bara tajaajila isaatiin boqonnaan waggaa herregamee akka kennamuuf ni taasifama.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin barri baajataa xumuramuun dura hojjetaan mootummaa hayyama fudhatee tajaajila isaa fedhiidhaan addaan kute yeroon

tajaajila ittiin hin kennine herregamee yeroo boqonnaa irra ture mindaan kaffalameef akka deebisu ni taasifama.

#### **40. Hayyama Boqonnaa Waggaa Dabarsuu**

- 1) Tumaan Labsii kanaa keewwata 39(1) jiraatus, sababa haalli hojichaa dirqisiisuun manni hojichaa hojjetaaf hayyama boqonnaa waggaa isaa bara baajatichaa keessatti kennuufii kan hin dandeenye yoo ta'e, itti gaafatamaa olaanaa mana hojiitiin yeroo bara baajata waggaa lama hin caalleef dabarsuu ni danda'a. Ta'us hayyamni boqonnaa waggaa itti hin fayyadamin bara baajataa sadaffaa irratti hojjetichaaf kennamuu qaba.
- 2) Tumaan Labsii kanaa keewwata 37(3) jiraatus, manni hojii mootummaa kamiyyuu bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin boqonnaa waggaa isaa bara baajataa lamaaf jala darbuuf boqonnaan hayyama waggaa kun maallaqaatti jijiiramee akka kennamuuf hojjetaa gaafateef, dursa baajata qabsiisuun boqonnaa bara baajata biraatti darbe keessaa kan waggaa tokkoo isa duraa qofti qarshiiitti jijiiramee akka kennamuuf taasifamuu qaba.
- 3) Hayyamni boqonnaa waggaa hojjetaa tokkoo maallaqaatti yammuu jijiiramu mindaa hojjetichaayaa tokkoo kan herregamu mindaan ji'a tokkoo guutuu guyyaa 30'f hiruudhaan ta'a.

#### **41. Hayyama Boqonnaa Waggaa Hin Fudhatamne**

- 1) Hojjetaa mootummaa tajaajilli isaa addaan cite hayyamni boqonnaa waggaa hin fudhatamne guyyootni hojii qofti herregamee maallaqatti jijiiramee ni kennamaaf.
- 2) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 bu'uura Labsii kana keewwata 28tiin jijiirameef yookiin bu'uura keewwata 30'tiin hojjetaa mootummaa ramadameef raawwatiinsa hin qabu. Ta'us hojjetichi mana hojii mootummaa duraan keessa turetti bu'uura Labsii kana keewwata 40 (1)'tiin hayyamni boqonnaa waggaa darbeef gara mana hojii mootummaa itti jijiirame yookiin ramadametti ni darbaaf.

#### **42. Hayyama Dahumsaa**

- 1) Hojjettuun mootummaa ulfa taate:
  - (a) Qorannoo fayyaa ulfa isheetiin walqabate taasisuuf akkaataa ogeessi fayyaa ajajuun hayyamni mindaan itti kaffalamu ni kennamaaf.
  - (b) Dahumsaan dura boqonnaa akka taasiftu ogeessi fayyaa yoo ajaje boqonnaan mindaan itti kaffalamu ni kennamaaf.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti hayyamni tumame akka hayyama dhukkubaatti hin lakkaa'amu.
- 3) Hojjettuun mootummaa ulfa taate yeroon dahumsa ishee yoo gahu guyyaa nan daha jettee tilmaamteen dura guyyoota walitti aanan 30 hayyama dahumsaan duraa,

akkasumas guyyaa deesse irraa eegalee guyyoota walitti aanan 90, walumaagalatti hayyamni dahumsaa guyyoota walitti aanan 120 mindaan itti kaffalamu ni kennamaaf.

- 4) Hojjettuun mootummaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin hayyamni dahumsa duraa kennameef osoo hin xumuramiin dura yoo deesse, hayyamni dahumsaa osoo itti hin fayyadamiin hafe erga deesee booda akka itti fayyadamtu ni taasifama.
- 5) Hojjettuun mootummaa hayyama dahumsa duraa fudhattee osoo hin dahn yoo jalaa dhume hanga guyyaa deessutti guyyootni hojji isheen boqonnaa irra turtu hayyama boqonnaa waggaa bara baajatichaa irraa yookiin hayyama boqonnaa waggaa kan hin qabne yoo ta'e hayyama boqonnaa waggaa bara itti aanu keessaa bakka bu'aaf.
- 6) Hojjettuun mootummaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3'tiin hayyama dahumsaa murteeffame erga xumurtee booda yoo dhukkubsattee fi hayyamni dabalataa kan ishee barbaachisu ta'uu isaa ogeessa fayyaatiin yoo mirkanaa'e, bu'uura Labsii kana keewwata 43 xiqqaa 1'tiin hayyama dhukkubaa fudhachuu ni dandeessi.
- 7) Hojjettuun mootummaa ulfa ji'a jahaa guutte kamiyyuu, hayyama dahumsa duraa osoo hin fudhatiin dursee ulfi yoo irraa bahe, ragaa yaalaa kana mirkaneessu yoo dhiyeeffatte hayyamni dahumsa booda guyyaa 60 ni kennamaaf.
- 8) Hayyama dahumsaa duraa erga fudhattee booda ulfi yoo irraa bahe, hayyamni dahumsa duraa fudhatte addaan citee, akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti tumameen hayyamni dahumsaan boodaa guyyaa 90 ni kennamaaf.
- 9) Hojjettuun mootummaa yeroo ulfaa ji'a 3 hanga 6 keessatti ulfi irraa bahuu muudate hayyamni guyyoota walitti aanan 30 mindaan itti kaffalamu ni kennamaaf.
- 10)Hojjetaan mootummaa kamiyyuu haati manaa isaa yoo deessu hayyamni mindaan itti kaffalamu guyyaan hojji 10 ni kennamaaf.

### **43. Hayyama Dhukkubaa**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa dhukkubaatiin hojji hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e hayyamni dhukkubaa mindaan itti kaffalamu ni kennamaaf.
- 2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hojjetaan mootummaa yeroo qaxara yaalii isaa xumure hayyamni dhukkubaa kennamuuf walitti aansee yookiin yeroo garagaraa fudhatuus guyyaa jalqaba dhukkubsatee kaasee yeroo ji'a kudha lama keessatti ji'a 8 yookiin waggaa afur keessatti ji'a 12 hin caalu.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin hayyamni dhukkubaa kennamu ji'ota jahaan duraatiif mindaa guutuu waliinii fi ji'ota lamaan itti aanaaniif mindaa walakkaa waliin ta'a.
- 4) Hojjetaan mootummaa yeroo yaalii isaa hin xumuriin yoo dhukkubsate, hayyamni dhukkubaa ragaan yaalaa itti dhiyaatu mindaa ji'a 1 waliin ni kennamaaf.
- 5) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu yoo dhukkubsate:

- (a) Sababni humnaa ol ta'e yoo isa muudate irraa kan hafe, hanga danda'ametti dhukkubsachuu isaa hatattamaan mana hojiitiif beeksisuu qaba.
  - (b) Guyyoota 3'f walitti aansee yookiin bara baajataa tokko keessatti guyyoota 6 oliif sababa dhukkubaatiin hojiirraa kan hafe yoo ta'e, dhukkubsachuu isaatiif ragaa yaalaa dhiyeffachuu qaba.
- 6) Hojjetaan mootummaa qaxara yeroo yaalii isaa xumure boqonnaa waggaa irra osoo jiruu yoo dhukkubsate, ragaa yaalaa dhukkubsachuu isaa mirkaneessu yoo dhiyesse boqonnaan waggaa isaa addaan citee hayyamni dhukkubaa ni kennamaaf.
- 7) Keewwata kana keewwata xiqqaa 6 tiin boqonnaan waggaa addaan citee ture, hayyamni dhukkuba isaa akkuma xumurameen akka itti fufu ni taasifama.

#### **44. Ragaa Yaalaa**

- 1) **"Ragaa Yaalaa"** jechuun waraqaa ragaa biyya keessatti dhaabbata fayyaa mootummaas ta'ee kan dhuunfaa abbaa taayitaa aangoo qabuun hayyamni kennameefiin yookiin biyya alaa irraa kan argame yoo ta'e sirrummaan isaa abbaa taayitaa aangoo qabuun kan mirkanaa'e jechuudha.
- 2) Waraqaaan ragaa dhiyaatu haala fayyaa hojjetichaa fi hayyama dhukkubaa kennamu ibsuu qaba.

#### **45. Hayyama Dhimma Dhuunfaatiif Kennamu**

Hojjetaan mootummaa kamiifiyyuu:

- 1) Abbaa warraa yookiin haadha warraa, ijoolle, firooma dhiiga yookiin firooma gaa'elaa hanga sadarkaa lamaffaatti lakkaa'amu yoo ta'e gaddaaf hayyamni guyyaa hojii sadii;
- 2) Gaa'elaaf hayyaama guyyaa hojii sadii; fi
- 3) Qorumsaa yookiin gadda hiriyyaa dhiyoof hayyamni guyyaa hojii tokko bara baajataa tokko keessatti hayyamni qorumsaa yookiin gaddaa guyyoota hojii jahaa hin caallee; mindaa waliin ni kennamaaf.

#### **46. Hayyama Addaa Mindaa Waliin Kennamu**

Hojjetaan mootummaa kamiifyuu:

- 1) Mana Murtii yookiin qaamota biroo aangoon kennameef irraa waamichi yoo dhiyaateef dhimmi itti waamame yeroo fudhatuuf,
- 2) Filannoo ummataa waliin dhimma walqabateen yoo ta'e, yeroo filannoontuuf hayyamni addaa mindaa waliin ni kennamaaf.

#### **47. Hayyama Addaa Mindaa Malee Kennamu**

- 1) Hojjetaan mootummaa sababa gahaa ta'een hayyama addaa mindaan itti hin kaffalamne yoo gaafatee fi faayidaa mana hojichaaraa hin miinen hoggansa mana hojichaatiin dhiyaate Biroon yoo mirkaneesse yeroo wagga tokko hin caalleef hayyamamuufii ni danda'a.

- 2) Hojjetaan mootummaa filannoo ummata irratti dorgomaa ta'ee yoo dhiyaate yeroo sochii filannoo itti gaggeeffamuu fi yeroo filannoona itti gaggeeffamu hayyamni mindaa malee akka kennamuuf ni taasifama.
- 3) Keewwata kana keewwatni xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatus, hojjetichi hayyamni addaa mindaa malee akka kennamuuf kan gaafate sababa pirojektii mana hojii mootummaa ilaallatu irratti ramadamuu isaatiin yookiin hiriyaan gaa'ila isaa hojii misiyoonii dipiloomaasiitiif biyya alaatti ramadamuu isaatiin yoo ta'e, pirojektiichi yookiin hojii misiyoonii dipiloomaasi hanga xumuramutti hayyamni addaa kennamuufii ni danda'a.

### **Kutaa Shan**

#### **Haala Hojii Kutaalee Hawaasaa Tarkaanfii Deeggarsa Dabalataa Barbaachisu**

#### **48. Haala Hojii Hojjettoota Mootummaa Dubartiif Eggaman**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu hojjettoota mootummaa dubartii gahoomsuu fi iddoowwan hojii murtii kennuu danda'an irratti akka ramadaman gochuuf kan dandeessisu tarkaanfii deeggarsa dabalataa fudhachuu qaba.
- 2) Dubartootni raawwii qaxara, guddina sadarkaa, jijiirraa, ramaddii, barnootaa fi leenjiitiin tarkaanfii deeggarsa dabalataatti fayyadamoo ni ta'u.
- 3) Hojjattuu mootummaa ulfa taate gita hojii qaxarriidhaan yookiin guddina sadarkatiin itti ramadamtte irraa gara gita hojii birootti ramadun hojjachiisun dhorkadha. Ta'us, fayyummaa isheetiif yookiin ulfa isheetiif balaa ta'uu isaa ragaa yaalatiin yoo mirkanaa'e gara gita hojii yookiin iddo hojii mija'aa ta'etti ramadamatee akka hojjattu taasifamuu qaba.
- 4) Manni hojii mootummaa kamiyyuu hojjattuu mootummaa yeroo ulfaa fi guyyaa deesse irraa eegalee ji'a afur keessatti akkaataa Labsii kana keewwata 87 tiin hojjetaa hir'isuu taasifamu keessatti hojii irraa gaggeessuun hin danda'amu.
- 5) Hojjattuuun mootummaa dubartii kamiyyuu daa'ima wagga tokko hin guunne yaalchisuuf ragaa yaalaatiin yemmuu mirkanaa'u hayyamni mindaan itti kanfalamu ni kennamaaf.
- 6) Manni hojii mootummaa kamiyyuu hojjattooni dubartoota mootummaa daa'imman isaanii iddo itti hoosisanii fi kunuunsan, tursiisa da'immanii hundeessuu qaba. Qajeelfamni raawwii isaa qindoomina mannen hojii mootummaa dhimmi ilaallatu bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **49. Haala Hojii Hojjettoota Qaama Miidhamtootaaf Eggaman**

- 1) Qaama Miidhamtootni raawwii qaxaraa, guddina sadarkaa, jijiirraa, ramaddii, carraa barnootaa fi leenjiin tarkaanfii deeggarsa dabalataatiin fayyadamtoota ta'uu qabu.

- 2) Manni hojii mootummaa kamiyyuu naannoona hojii qaama miidhamtootaaf mijataata'uun isaa mirkaneessuu, meeshaalee hojiif barbaachisan guutuu fi akkaataa itti fayyadama isaa irratti leenjii barbaachisaa ta'e akka argatan gochuu qaba.
- 3) Manni hojii mootummaa kamiyyuu hojjettoota mootummaa qaama miidhamtoota gargaaraa isaan barbaachisuuf gargaaraa deeggarsa kenu akka ramadamuuf itti gaafatamummaa qaba.
- 4) Mirgootni qaama miidhamtootaaf seerota biroon kennaman raawwii labsii kanaatiif kan hojiirra oolu ta'a.

## **50. Godinalee fi Aanaalee Haala Addaatiin Ilaalaman**

- 1) Godinalee fi Aanaalee haala qilleensa jirenyaa rakkisaa ta'e, fageenyaa fi rakkoo bu'uuraalee misoomaa qabaniif raawwii qaxaraa, guddina sadarkaa, jijiirraa, ramaddii, carraa barnootaa fi leenjii ilaachisee deeggarsa dabalataa akka argatan ni taasifama.
- 2) Hojjettoota mootummaa iddo hojii jirenyaa mijaa'aa hin taanee keessatti ramadamanii yookiin qaxaramanii hojjachaa jiraniif kaka'umsa hojii uumuudhaaf jecha Biirichi qajeelfama kenniinsa onnachiiftuu (hardship allowance) qoratee hojiirra akka ooluuf Mana Maree Bulchiinsaa murteessisee hojiirra ni oolcha.

## **51. Haala Hojiirra Oolmaa Deeggarsa Dabalataa**

Hojiirra oolmaa tarkaanfiilee deggarsa addaa kutaa kanaa jalatti tumamaniif Biirichi qajeelfama fi sirna hojimaataa raawwii baasuu ni danda'a.

### **Kutaa Jaha**

#### **Nageenyaa fi Fayyummaa Naannoo Hojii**

## **52. Kaayyoo fi Raawwatiinsa**

- 1) Kaayyoo Nageenyaa fi Fayyummaa Naannoo Hojii
  - (a) Nageenyaa fi fayyummaa hojjetaa mootummaa eeguun gahumsa hojii isaanii guddisuu;
  - (b) Iddoo hojii haala nageenyaa fi fayyummaa hojjetaa mootummaatiif miaatu qopheessuu, fooyeessuu fi eeguu; fi
  - (c) Manni hojii mootummaa jirenyaa hawaasummaa gaarii irratti hundaa'ee bu'aa hojii olaanaa akka galmeessisu gahoomsuu ta'a.
- 2) Tumaaleen kutaa kanaa hojjetaa yerootifis raawwataiinsa ni qabaatu.

## **53. Miidhaa Hojiirratti Dhaqqabu**

- 1) "**Miidhaa hojiirratti dhaqqabu**" jechuun balaa hojii irratti dhaqqabu yookiin dhukkuba sababa hojiitiin dhufuudha.
- 2) "**Bala hojii irratti dhaqqabu**" jechuun hojjetaan mootummaa hojii idilee isaa raawwachaa osoo jiruu yookiin sababa hojii isaa waliin walqabateen qaama isaa irratti

yookiin hojii uumama qaama isaa irratti miidhaa tasa gahu yoo ta'u, kanneen armaan gadii ni dabalata:

- (a) Hojjetaan mootummaa hojii idilee isaa irraa, iddoo hojii isaa yookiin sa'atiitii hojii idileetiin alatti nama aangoon isaa hayyamuun ajaja kenname raawwachaa osoo jiruu miidhaa dhaqqabe;
  - (b) Ajajni nama aangoon isaa hayyamuun kenname jiraachuu baatus, hojjetaan mootummaa balaa tasaa mana hojii isaa keessatti dhaqqabe yeroo hojii yookiin sa'atiitii hojii idileetiin ala badii ittisuuf sababa hojii raawwateen miidhaa dhaqqabe;
  - (c) Hojjetaan mootummaa gara iddoo hojii isaatti yookiin iddoo hojii isaatti tajaajila geejjibaa mootummaan hojjetaaf ramadeen osoo deemaa jiruu yookiin tajaajila geejjibaa manni hojii isaa kireeffatee ifaan ramadeen deemaa osoo jiruu miidhaa dhaqqabe;
  - (d) Hojjetaan mootummaa miidhaa sababa raawwii hojii isaatiin walqabateen yeroo hojii dura yookiin booda yookiin hojiin isaa yeroof addaan citee iddoo hojii isaatti yookiin mooraa mana hojiitti argamee miidhaa irra gahe kamiyyuu;
  - (e) Hojjetaan mootummaa hojii isaa raawwachaa yeroo jiru miidhaa sababa gocha mana hojii isaatiin yookiin qaama sadaffaatiin irra gaheef.
- 3) **"Dhukkuba Sababa Hojitiin Dhufu"** jechuun hojjetaan mootummaa gosa hojii raawwatuun yookiin naannoo hojii isaatiin kan ka'e haalota dhibee dhaqqabsiisanif saaxilamee turuu isaatiin rakkoo fayyaa irra gahe yoo ta'u, dhukkuboota duraan turan yookiin daddarboo idilee iddoo hojiitti dhaqabuu danda'an hin dabalatu.
  - 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatus, sababa hojii idileetiin dhukkuba daddarbaa yookiin duraan turan balleessuu irratti hojjetaa mootummaa bobba'e dhukkuba kanaan qabame sababa hojitiin akka qabameetti ni fudhatama.
  - 5) Sababa miidhaa hojii irratti dhaqqabuun hanga miidhaa qaamaa ga'u bu'uura tumaalee seera soorama hojettoota mootummaa seera qabeessa ta'een ni murtaa'a.
  - 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, hojjetaan ta'e jedhee keessattuu manni hojii dursee qajeelfamoota eegumsa nageenyaa fi fayyummaa ifaan kennameef darbuun yookiin cabsuun qaama yookiin sammuu isaa haala to'achuu hin dandeenyeen dhugaatiin yookiin baala sammuu adoochuun machaa'ee hojii irratti argamuun miidhaa irra gaheef akka miidhaa sababa hojitiin dhaqqabeetti hin lakkaa'amu.

#### 54. Tarkaanfiilee Ittisa Balaa

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu:

- (a) Iddoon hojii isaa nageenyaa fi fayyummaa hojjetaa irratti balaa kan hin geesisne ta'uu isaa mirkaneessuu fi
  - (b) Meeshaalee ittisa balaa hojjettoota isaaniif dhiyeessuu fi akkaataa itti fayyadama isaa qajeelfama kennuu itti gaafatatummaa qaba.
- 2) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu:
- (a) Qajeelfamoota nageenyaa fi fayyummaa eeguuf bahan kabajuu;
  - (b) Meeshaalee hojii ittisa balaa isaaf kennaman sirnaan fayyadamuu fi
  - (c) Haalawwan balaa geesisuu danda'an jiraachuu isaanii yoo tilmaamu ittigaafatamaa mana hojii ilaallaatuuf battalummatti beeksisuuf dirqama qaba.
- 3) Biirichi:
- (a) Maloota nageenyaa fi fayyummaa naannoo hojii eegu fi ittisu ni qorata;
  - (b) Manneen hojii mootummaa akka hojiirra oolchan haala leenjiin itti kennamu ni mijeessa.
  - (c) Manneen hojii mootummaa keessatti nageenyaa fi fayyummaa naannoo hojiirra oolmaa isaa ni to'ata; tarkaanfilee ittisa balaa ilaalchiisee qajeelfamaan ni murteessa.

## **55. Miidhaa Qaamaa**

- 1) **"Miidhaa Qaamaa"** jechuun miidhaa hojii irratti dhaqqabu ta'ee, miidhaa haala dandeettii hojjachuu hir'isuu yookiin dhabsiisuu hordofsiisuu dha.
- 2) Miidhaan qaamaa hojii irratti dhaqqabu bu'aa miidhaa qaamaa yeroo, miidhaa qaamaa gar-tokkee dhaabbataa, miidhaa qaamaa guutuu dhaabbataa yookiin du'a geesisuu yookiin dhaqqabsisuu ni qabaata.

## **56. Miidhaa Qaamaa Yeroo**

**"Miidhaa Qaamaa Yeroo"** jechuun miidhaa qaamaa yeroo murtaa'eef hojii isaa guutummaan yookiin gar-tokkoon dandeettii hojjachuu dhabuu dha.

## **57. Miidhaa Qaamaa Gar-tokkee Dhaabbataa**

**"Miidhaa qaamaa gar-tokkee dhaabbataa"** jechuun miidhaa dandeettii hojjachuu hir'isuu fi hin fayyine hojii irratti gahu dha.

## **58. Miidhaa Qaamaa Guutuu Dhaabbataa**

**"Miidhaa qaamaa guutuu dhaabbataa"** jechuun hojjetaa mootummaa miidhaan qaamaa hojii irratti dhaqqabe hojii mindaa argamsiisu kamiyyuu hojjachuuf kan dhorku miidhaa hin fayyine dha.

## **59. Yaalaa fi Hayyama Miidhaa Sababa Hojiitiin Dhufuuf Kennamu**

- 1) Hojjetaa mootummaa sababa hojiitiin miidhaan irra gaheef baasii tajaajiloota yaalaaf barbaachisan kan armaan gadii biyya keessatti kennaman mana hojii isaatiin ni uwuwifama.

- (a) Baasiawan yaalaa waliigalaa fi addaa akkasumas yaala baqaqsanii hodhuu;
  - (b) Baasiawan hospitaalaa fi qorichaa;
  - (c) Baasiawan geejjibaa;
  - (d) Baasiawan nam-tolchee qaama namaa bakka bu'uu danda'an yookiin qaamota dabalataa kamiyyuu fi wal'aansa lafee.
- 2) Hojjetaan mootummaa miidhaan qaamaa irra gahe bu'uura keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1tiin tajaajilli yaalaa dhaabbata dhuunfaatti akka kennamu kan taasifamu tajaajilli dhaabbata fayyaa mootummaatti kennamuu kan hin danda'amne yoo ta'e qofa dha.
  - 3) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa hojitiin miidhaan irra gahe hangi miidhaa isaa ilaalamee bu'uura ragaan yaalaa ibsuun fayyee hanga gara hojitti deebi'uutti yookiin sababa miidhaatiin dhaabbataan hojjachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa ragaa yaalaatiin hanga mirkanaa'uutti hayyamni dhukkubaa mindaa guutuu waliin ni kennamaaf.
  - 4) Hojjetaan mootummaa dhaabbataan hojjachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa ragaa yaalaatiin yoo mirkanaa'e, akkaataa Labsii kana keewwata 60'tiin faayidaaleen tumaman ni eegamuuf.
  - 5) Hojjatichi yaala isaa sirnaan yoo hordofuu baate yookiin ajaja ogeessa fayyaatiin kennameef hordofuu dhabuu isaatiin yaalii isaa kan harkise yoo ta'e, bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2)tiin yaalii fi hayyamni kennamuuf irraa dhaabbata.
  - 6) Biirichi baasiawan yaalaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin ibsaman ilaachisee qajeelfama raawwii kanfaltii ni baasa.

## **60. Durgoo Miidhama Sooramaa fi Beenya Miidhaa**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa hojitiin miidhaa qaama guutuu dhaabbataa yookiin qaamaa gar-tokkee irra gaheen dandeettii hojjachuu dhabe mirgoonni fi faayidaaleen seera sooramaa hojjettoota mootummaa irratti kennaman ni eegamaaf.
- 2) Miidhaan qaamaa cimaa yookiin miidhaan cimaa bifa balleessuu hordofsise dandeettii hojjachuu dhaqqabsiisuu baatus, kanfaltii beenya miidhaa fi keniinsa faayidaalee biroof jecha akka miidhaa qaamaa gar-tokkee dhaabbataatti lakkaa'ama.
- 3) Hamma miidhaa qaamaa murteessuuf Seera sooramaa hojjettoota mootummaatiin kan tumamee raawwii keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiif hojiirra kan oolu ta'a.
- 4) Sababa miidhaa irra gaheen hojjetaan mootummaa kan du'e yoo ta'e, bu'uura seeraa sooramaa hojjettoota mootummaatiin durgoon sooramaa bakka bu'oota isaatiif ni kanfalama.

## **61. Gibira irraa Bilisa Ta'uun**

Bu'uura Labsii kana keewwata 60'tiin kanfaltiin raawwatamu gibira irraa bilisa ta'a; akkasumas sababa idaatiin qabamuu yookiin waldandeessisuu taasifamu yookiin abbaan mirgaa dabarsuu hin danda'u.

## **62. Kanfaltii Beenyaa Qaama Sadaffaarraa Gaafatamu**

- 1) Miidhaan hojjaticha irra gahe sababa balleessaa qaama sadaffaatiin yoo ta'e, manni hojii mootummaa sababa miidhaatiin hanga baasii hojjatichaaf baase qaama miidhaa gessiseerraan beenyaa gaafachuuf mirga ni qabaata.
- 2) Hojjatichi qaama miidhaa isarra geessise irraa beenyaa kan fudhate yoo ta'e, manni hojiichaa bu'uura Labsii kana keewwata 59 (1) fi (3)tiin baasii baase mindaa hojjatichaa irraa ni hir'isa. Hangi beenyaan hojjatichi fudhate baasii manni hojichaa baase gadi yoo ta'e, garaagarummaa isaa manni hojiichaa qaama sadaffaarraa gaafachuu ni danda'a.

### **Kutaa Torba**

### **Qabiinsa Ragaa Hojjettoota Mootummaa**

## **63. Kuusaa Dhuunfaa**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu fi Biirichi tokkoon tokkoo hojjetaa mootummaatiif yookiin hojjetaa yeroof haala hammayyaatiin ragaalee seera qabeessa ta'e gurmeessani ni qabatu.
- 2) Biirichi bu'uura keewwata kana keewwata xiqaan 1tiin ragaaleen qabeenya namaa ergamaniif Labsii kanaa fi qajeelfamoota Labsii kana raawwachiisuuf bahan kan hordofan ta'uu isaanii mirkaneessuun ni galmeessa.
- 3) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu ragaalee kuusaa dhuunfaa isaa keessatti argaman ilaaluu yookiin koppii isaa fudhachuuf mirga ni qaba.
- 4) Hojjettoota bulchiinsaa dhimmi ilaallatuun alatti, waliigaltee hojjetaan ala, ajaja mana murtiitiin yookiin bu'uura seeraan tumameen yoo ta'e malee namni kamiyyuu kuusaa dhuunfaa hojjetaa mootummaa ilaaluu hin danda'u.
- 5) Ragaaleen barreeffamaa hojjetaan mootummaa akka beekuu hin taasifamne yookiin hin ibsamneef kuusaa dhuunfaa isaa keessa galchuun dhorkaa dha.

## **64. Itti Gaafatamummaa Ragaa Hojjettoota Mootummaa Gurmeessuu**

- 1) Biirichi:
  - (a) Sadarkaa naannooti sirni ragaa hooggansa qabeenya namaa haala walfakkaatuun akka raawwatamu taasisuuf;
  - (b) Daataa beeziir ragaa qabeenya namaa naannichaa gurmeessuuf;
  - (c) Ragaalee istaatistiksi hojjettoota mootummaa ilaallatu sassaabuu, qindeessuu fi tamsaasuuf itti gaafatamummaa ni qaba.

- 2) Manni hojii mootummaa kamiyyuu, daataa beezi qabeenya namaa Biirichaan gurmaa'uuf ragaalee yeroo isaa eegee erguuf dirqama ni qaba.
- 3) Manni hojii mootummaa kamiyyuu ragaa tokkoon tokkoon hojjetaa isaa Biirichaaf erguu qaba.

### **Kutaa Saddeet**

#### **Mirgootaa fi Dirqamoota**

#### **65. Itti Gaafatatummaa Manneen Hojii Mootummaa**

Labsii kanaan tumaaleen itti gaafatatummaawwan biroo ibsam anakkuma eegamanitti ta'ee, manni hojii mootummaa kamiyyuu itti gaafatatummaa armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Hojjattooni mootummaa imammatoota, tarsiimoowwanii fi seerota irratti hubannoo gahaa akka argatan taasisuu;
- 2) Naannoon mana hojii mootummaa gochaalee amantii kamiyyuu irraa bilisa ta'uu isaa mirkaneessuu;
- 3) Tokkoon tokkoon hojjetaa mootummaaf ibsa akaakuu hojii kennuu, karoora hojii irratti hunda'uun bu'aa raawwii hojii isaa madaaluu;
- 4) Hojjettoota mootummaatiif meeshaalee hojiif barbaachisan dhiyeessuu fi itti fayyadama isaa beeksisu fi
- 5) Hojjettoota mootummaatiif Naanno hojii fayyummaa fi nageenyaaf mijataa taasisuu.

#### **66. Dirqamoota Hojjettoota Mootummaa**

Hojjetaan mootummaa kamiiyyuu, dirqamoota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Ummataa fi heera mootummaaf amanamaa ta'uu fi ol'aantummaa seeraa kabajuu;
- 2) Seerotaa fi imaammatoota mootummaan baasuu gahumsaan raawwachuu;
- 3) Haala kaminiyyuu uummataa fi biyya isaa loogii malee tajaajiluu;
- 4) Beekumsaa fi dandeettii qabu hunda tajaajila uummataaf oolchuu;
- 5) Gahee hojii akaakuu hojiitiin ibsam anakkuma fi ajaja seera qabeessa biroo itti gaafatamaa hojii dhiyoo irraa kennamu raawwachuu;
- 6) Iddoo hojiitti haala kaminiyyuu amantii isaa yookiin gocha amantii isaa calaqisiisan raawwachuu dhiisuu;
- 7) Iccitiidha jedhamanii kan adda bahanii fi carraa hojiitiin iccitiiwan mana hojii beeke eeguu;
- 8) Tajaajilamtoota jidduutti koornayaan, afaniin, sanyiin, amantaan, ilaachaa siyaasaan, miidhaa qaamaan yookiin haalawwan biroo garagarummaa uumaniin loogii raawwachuu dhiisuu;
- 9) Tajaajila mana hojii isaatiif kenu kan hir'isu yookiin haala kaminiyyuu hojii irratti ramadamee hojjatu waliin wal falleessu yookiin hojjetaa mootummaa ta'uu isaatiin kan waliin hin deemne hojii kamiyyuu hojjachuu dhiisuu;

- 10)Hojii isaa dantaa siyaasaaf oolchuu fi sababa kanaan loogii raawwachuu dhiisuu,
- 11)Hojjetaa mootummaa ta'uu isaatiin tajaajila kenneef yookiin akka kenuu irraa eegamuuf kennaa gosa kamiyyuu yookiin wantoota gatii qaban gaafachuu yookiin fudhachuu dhiisuu;
- 12)Meeshaalee raawwii hojiif kennamanii fi hojiif tajaajilan haalaan itti fayyadamuu fi eeguu;
- 13)Qorannoo "HIV/AIDS" irraa kan hafe sababa gahaa ta'ee fi hojicha waliin haala walqabateen qorannoo yaalaa akka taasisu mana hojii isaatiin yeroo gaafatame qorannoof dhiyaachuu;
- 14)Qajeelfamoota waa'ee fayyummaa fi nageenya naannoo hojii eeguuf bahan kabajuu.

## **67. Idaadhaan Itti Gaafatamaa Ta'u**

Hojjetaan mootummaa kamiyyuu meeshaalee raawwii hojii fi tajaajilaaf kennamaniif irratti miidhaa gahuu yookiin badii gahuuf idaadhaan itti gaafatamaa kan ta'u, miidhaan yookiin badiin gahe sababa hojjatichaatiin dagannoo yookiin ta'ee jedhee kan raawwatamee yoo ta'ee dha.

**Kutaa Sagal**

**Tarkaanfiiwwan Naamusaa fi Haala Komiin Itti Hiikamu**

**Kutaa Xiqqaa Tokko**

**Tarkaanfiiwwan Naamusaa**

## **68. Kaayyoo Adabbii Naamusaa**

Kaayyoon adabbii naamusaa hojjetaan mootummaa hir'ina naamusaa raawwateef balleessaa isaarrraa gaabbee of-sirreessuu fi ilaachaa fi amala gaarii akka qabaatuu fi hojjetaa gahoome akka ta'u dandeessisuuf yookiin kan of hin sirreessine yoo ta'ee hojii irraa gaggeessuufii dha.

## **69. Gosoota Adabbii Naamusaa fi Ramaddii Isaanii**

- 1) Hojjetaan mootummaa hir'ina naamusaa raawwate akkaataa ulfaatina balleessaa raawwatameen adabbiwwan kanatti aanaan keessaa tokko irratti murtaa'uu ni danda'a:
  - (a) Akeekkachiisa afaanii;
  - (b) Akeekkachiisa barreeffamaa;
  - (c) Adabbii mindaa hanga guyyaa kudha shan (15) gahu;
  - (d) Adabbii mindaa hanga ji'a sadii gahu;
  - (e) Yeroo waggaa lama hin caalleef sadarkaa hojii fi mindaa irraa gadi buusuu;
  - (f) Hojii irraa gaggeessuu.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti (a) hanga (c)tti kan tarreeffaman adabbiwwan naamusaa salphaa jedhamanii ramadamu.

- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti (d) hanga (f)tti kan tarreeffaman adabbiawan naamusaa cimaa jedhamanii ramadamu.
- 4) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (1) (e)tiin hojjetaan mootummaa mindaa fi sadarkaa irraa gadi bu'uun adabame, yeroo adabbii isaa xumuru:
  - (a) Adabbii naamusaatiin dura gita hojii qabatee ture waliin kan walfakkaatu gitni hojii duwwaan yoo jiraate sirna dabalata guddina sadarkaa tokko malee;
  - (b) Adabbii naamusaatiin dura gita hojii qabatee ture waliin kan walfakkaatu gitni hojii duwwaan yoo jiraachuu baate, gita hojii duwwaan yeroo argametti sirna dabalata guddina sadarkaa tokko malee gita hojiichaa irratti akka ramadamu ni taasifama.
- 5) Hojjetaan mootummaa tokko naamusaa erga adabamee booda adabbichi rikoordii ta'ee turuu fi irratti caqasamuu kan danda'u:
  - (a) Adabbii naamusaa salphaa yoo ta'e, guyyaa adabbichi murtaa'ee irraa kaasee hanga waggaa lamatti;
  - (b) Adabbii naamusaa cimaa yoo ta'e, guyyaa adabbichi murtaa'ee irraa kaasee hanga waggaa shani ni ta'a.

## **70. Balleessaawan Adabbii Naamusaa Cimaa Hordofsiisan**

Balleessaawan armaan gadii adabbii naamusaa cimaa kan hordofsiisanii dha:

- 1) Ajaja seera qabeessaan kennamu kabajuu dhiisuu, maal na dhibdeedhaan, dhibaauummaadhaan yookiin ta'e jedhee sirna hojimaataa yookiin imaammata mootummaa hordofuu dhabuudhaan hojii irratti miidhaa geessisuu;
- 2) Ta'e jedhee dhimmoota tursiisuu yookiin abbootii dhimmaa deddeebisuu;
- 3) Hojiin akka hin hojjatamne ta'e jedhee jeequu yookiin warra jeeqan waliin wal ta'uu;
- 4) Tarkaanfiiawan adabbii naamusaa salphaadhaan of-sirreessuu dhabuudhaan sababa gahaa malee deddeebi'anii hojii irraa hafuu yookiin sa'atii hojii kabajuu dhabuu;
- 5) Iddoo hojiitti dubbii kakaasuudhaan wal-reebuu;
- 6) Machii barsiifataan yookiin araada baala sammuu adoochuun summaa'uun hojii miidhuu;
- 7) Matta'aa fudhachuu yookiin akka kennamuuf gaafachuu;
- 8) Iddoo hojiitti gocha faallaa hamilee uummataa ta'e raawwachuu;
- 9) Hanna yookiin gocha amantaa hir'isuu raawwachuu;
- 10) Gocha gowwoomsuu yookiin dogongorsuu raawwachuu;
- 11) Qabeenya mana hojichaa irratti ta'e jedhee yookiin dagannoodhaan miidhaa geessisuu;
- 12) Seeraan ala aangootti fayyadamuu;
- 13) Iddoo hojiitti miidhaa koornaya raawwachuu;
- 14) Keewwata kanaan kan tarreeffaman waliin ulfaatina walfakkaatu hir'ina naamusaa kan qabu biroo raawwachuu.

## **71. Haala Fudhannaa Tarkaanfii Naamusaa**

- 1) Manni hojii mootummaa kamyuu koree naamusaa qorannoo idilee naamusaa gageessuu fi yaada murtii itti gaafatamaa ol'aanaa mana hojiif dhiyeessu hundeessuu qaba.
- 2) Adabbiin naamusaa murtii Mana Murtii kamyuu osoo hin eegin yookiin hin hordofiin murteessuun ni danda'ama.

## **72. Hojjetaa Hojii irraa Dhorkuun Tursiisuu**

- 1) Hojjetaa mootummaa kamyuu hojii irraa dhorkuun tursiisuun kan danda'amu:
  - (a) Ragaalee dhimma itti shakkame waliin qunnamtii qaban balleessuu, dhoksuu yookiin dhabamsiisuun qorannicha ni gufachiisa;
  - (b) Qabeenya mootummaa irratti miidhaa dabalataa ni geessisa;
  - (c) Haala ulfaatina badii ittiin himatame waliin walqabatee hamilee hojjettoota biroo kan tuqu yookiin ummanni mana hojii itti tajaajilamu irratti amantaa qabaachuu qabu ni faalleessa yookiin
  - (d) Balleessaan raawwatame jedhamu hojii irraa ni gaggeessisa jedhamee yoo tilmaamamee dha.
- 2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hojjetaan mootummaa tokko hojii fi mindaa irraa dhorkamee turuu kana danda'u yeroo ji'a lama hin caalleef ta'a.
- 3) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin hojjetaan mootummaa hojii fi mindaa irraa akka dhorkamee turu kan taasifamu, yeroon hojii irraa dhorkamee turuu fi sababa hojii irraa dhorkameef hoogganaa ol'aanaa mana hojichaa yookiin bakka bu'aa isaatiin barreeffamaan akka ibsamuuf Biirichiis garagalchaan akka beeku ni taasifama.
- 4) Hojjetaan mootummaa sababa balleessaan naamusaa ittiin himatameen hojii irraa akka gaggeeffamu yoo itti murtaa'een alatti, mindaan yeroo dhorkaa keessatti hin kanfalaminifiif hafe dhala malee ni kanfalamaaf.
- 5) Hojjetaan mootummaa sababa hojii isaarraa dhorkamuu isaatiin raawwatiinsa mirgootaa fi dirqamootaa biroo dhorkamuu isaatiin wal hin qabanne hin hambisu.
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, hojjetaan hojii fi mindaa irraa dhorkamee ture hojii irraa akka gaggeeffamu yookiin bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin mindaan isaa akka kanfalamuu fi gara hojiitti akka deebi'u osoo hin taasifamiin yeroon turtii dhorkaa yoo xumurame:
  - (a) Sababa turtii himanna naamusatiin himanni isaa adeemsi qulqulleessuu wal xaxaa yoo ta'e, mindaan walakkaa hojjaticha mootummaa kafalamaafi; yookiin
  - (b) Sababni turtii hojjetichuma mootummaa yoo ta'e, kafaltii mindaan ala; dhorkiin hanga ji'a tokkootti akka dheeratu Biirichi murteessuun ni danda'a.

7) Hojjetaan mootummaa hojii fi mindaa irraa dhorkamee ture hojiirraa akka gaggeeffamu yookiin bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin mindaan akka kafalamuu fi gara hojii isaatti akka deebi'u osoo hin taasifamin idileedhaanis ta'ee yeroo dhorkaa dheereffame keessatti yoo xumurame, dhorkiin hojii fi mindaa ka'ee himanni naamusaa ilaalamu itti fufa; ta'us sababa turtii kan ta'an miseensonni koree fi hoggantoonni hojii balleessaa naamusatiin kan gaafatamaan ta'u.

### **73. Darbiinsa Yeroo**

- 1) Hojjetaan mootummaa balleessaa adabbii naamusaa salphaa geessisu kan raawwate guyyaa balleessaan isaa beekamee irraa eegalee hanga ji'a jahaatti yoo tarkaanfiin itti fudhatamuu baate naamusaan gaafatamaa hin ta'u.
- 2) Hojjetaan mootummaa balleessaa adabbii naamusaa cimaa geessisu raawwate guyyaa balleessaan isaa beekamee irraa eegalee hanga waggaa tokkootti yoo tarkaanfiin itti fudhatamuu baate naamusaan gaafatamaa hin ta'u.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumamee yeroo himanna naamusaa dhiyeessuuf darbiinsi yeroo jiraatus, daangaa darbiinsa yeroo keessatti hoogganaan hojii tarkaanfii hin fudhanne itti gaafatamaa ta'a.
- 4) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu mirgoota maallaqaan walqabatan bara baajataa mirga itti argatee keessatti qaama ilaallatuuf dhiyeessuu yoo baate darbiinsa yerootiin ni hafa.

#### **Kutaa Xiqqaa Lama**

#### **Haala Dhiyeeffannaa Komii fi Hiikkaa Isaa**

### **74. Komii**

Raawwatiinsa kutaa xiqqaa kanaaf "komii" jechuun hojjetaan mootummaa itti gaafatamaa dhiyoo yookiin itti gaafatamaa hojii ilaallatu waliin marii taasifamuun hiikamuu kan hin dandeenyee fi adeemsa qulqulleessuu idileetiin iyyata deebii argachuu qabuu dha.

### **75. Kaayyoo Dhiyeeffannaa Komii fi Hiikkaa Isaa**

Dhiyeeffannaa komii hojjettoota mootummaa fi hiikkaan isaa kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Komiiwwaniif furmaata hatattamaa kennuu;
- 2) Dogoggorawwanii fi hanqinaalee komiiwwaniif ka'umsa ta'u danda'an sirreessuu fi
- 3) Hojjettoota mootummaa hunda walqixummaan keessumeessuu kan dandeessisuu fi hojimaata haqa qabeessa ta'e mirkaneessuun walitti dhufeenya hojii mijawaa gabbisuu.

### **76. Koree Komii Qulqulleessaa Hundeessuu**

Manni hojii mootummaa kamiyyuu komii hojjettoota mootummaa irraa dhiyaatu simachuun qulqulleessee yaada murtii hoogganaa olaanaa mana hojichaatiif dhiyeessu koree komii qulqulleessaa hundeessuu qaba.

## **77. Gahee Hojii Koree Komii Qulqulleessaa**

Koreen Komii Qulqulleessaa komiiwwan itti aanaan waliin walqabatee hojjetaan mootummaa dhiyeessu qulqulleessee yaada murtee dhiyeessuuf itti gaafatamummaa qaba:

- 1) Hiikkaa seerotaa fi qajeelfamoota yookiin raawwii;
- 2) Haala eegumsa mirgootaa fi faayidaalee;
- 3) Haalawwan fayyummaa fi nageenya naannoo hojii;
- 4) Kenniinsa sadarkaa fi ramaddii hojii;
- 5) Madaallii raawwii hojii;
- 6) Dhiibbaawan seeraan ala itti gaafatamaa hojiitiin raawwatamu;
- 7) Bu'uura Labsii kana keewwata 69 (1)(a - c)tiin ilaallamaniin tarkaanfiiwwan naamusaa fudhataman;
- 8) Dhimmoota biroo haalawwan hojii ilaallatan.

## **78. Murtee Bulchiinsaa**

- 1) "**Murtee bulchiinsaa**" jechuun hoogganaan olaanaa mana hojii mootummaa dhimmoota kutaa kana keessatti tumaman ilaalcissee, koree komii qulqulleesssaan yookiin koree naamusaan qulqulla'anii dhimmoota dhiyaatan yookiin kallattiidhaan dhimmoota biroo seeraan kennaman irratti murtee barreffamaan kennamuudha.
- 2) Keewwata kana keewata xiqqaa 1 jalatti tumame jiraatuus, hoogganaan olaanaa mana hojii mootummaa hojimaata osoo hin eeginis ta'ee murtee jechaan kennamu murtee haqaa mirga hojjetaan argachu qabu eegsisuuf jecha hojjetaan kakuudhaan yoo mirkaneesse akka murtee bulchiinsaatti lakkaa'ama.

### **Kutaa Kudhan**

### **Mana Murtii Bulchiinsaa Hojjettoota Mootummaa**

## **79. Hundeeffama**

- 1) Falmii hojjettoota mootummaa akkaataa Labsii kana keewwata 81tiin dhiyeessan ilaalee kan murteessu kanaan booda "**Mana Murtii Bulchiinsaa**" jedhamee kan waamamu Labsii kanaan hundeeffameera.
- 2) Manni murtichaa dhaddachoota iyyata, komii fi ol'iyyannoo dhiyaatu qoratee murtii kennuu ni qabaata.
- 3) Tokkoon tokkoo dhaddachaa Hoogganaa Biirichaan kan moggafaman walitti qabaa tokkoo fi miseensota Abbootii seeraa lama ni qabaata.

- 4) Abbootiin Seeraa Mana Murtii Bulchiinsaa haala hojii isaanii itti hojjatan, naamusaa eeguu qabanii, faayidaalee argachuu qabanii fi haalawwan biroo qajeelfama Biirichi baasuun kan murtaa'u ta'a.
- 5) Manni Murtii Bulchiinsaa barbaachiisaa ta'ee yemmuu argamuu dhaddachoota dhaabbii yookiin naannawaa qabaachuu ni danda'a.

## **80. Hojimaataa fi Aangoo Mana Murtii Bulchiinsaa**

- 1) Manni Murtichaa:
  - (a) Dhimmoota dhiyataniif ilaaluun ajajaa fi murtii kennuu;
  - (b) Hojjetaan mootummaa murtiin kennameera jedhee kakuun deeggaree ol'iyyannoo yoo dhiyeessee, Manni Murtii Bulchiinsaa fuudhee ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa ni qabaata.
- 2) Ajajnii fi murtiwwan Manni Murtii Bulchiinsaa kennuu akkuma ajajootaa fi murtiwwan Dhaddacha Hariiroo Hawaasaa Manni Murtii Idilee kaminiyyuu kennamuutti lakkawama.

## **81. Dhimmoota Mana Murtii Bulchiinsaan Ilaalaman**

Manni Murtii Bulchiinsaa dhimmoota armaan gadii ilaalee murteessuuf aangoo ni qabaata.

- 1) Ol'iyyannoo hojjettoota mootummaatiin walqabatee dhimmoota armaan gadiitti dhiyaatan:
  - (a) Seeraan ala hojii irraa dhorkamuu yookiin tajaajilli addaan cituu;
  - (b) Murtii adabbii naamusaa cimaa;
  - (c) Mindaan yookiin kanfaltiwwan biroo seeraa ala kan jalaa qabame yookiin cite;
  - (d) Miidhaa yookiin dhibee sababa hojiitiin irra gaheen haala walqabateen mirgi hir'achuu;
  - (e) Akkaataa Labsii kana keewwata 77 (7) ibsameen ala, Koree Komii Qulqulleessaatiin dhimmoota ilaalamani murtiin itti kenname;
  - (f) Dhimmoota gaaffii hojii gadi lakkisuu fi ragaa muuxannoo hojii irratti ka'u;
- 2) Hojjettoota yeroo fi kaayyoo bu'uura seera hojjettoota mootummaa hordofuun qajeelfama keessaatiin akka bulchan manneen hojii hayyamameef keessatti hojjettoota qaxaramanii hojjetaan irraa ol'iyyannoo dhiyaate;
- 3) Manni Murtii Bulchiinsaa dhimma ol'iyyannoon itti dhiyaate erga qoratee booda murticha mirkaneessuu, haquu yookiin foyyeessuu ni danda'a.
- 4) Manni Murtii Bulchiinsaa murtee kenne guyyoota hojii kudhan keessatti garagalcha murtichaa qaama ol'iyyateef yookiin bakka bu'aa mana hojichaaf akka dhaqqabu taasisuu qaba,

- 5) Biirichi hooggansa qabeenya namaa ilaachisee eeruu dhiyaatuun yookiin kaka'umsa mataa isaatiin seerri cabuu yookiin loogiin raawwatamu mirkanneessuu tarkaanfiin sirreeffamaa kennee hojiirraa ooluu yoo dhabee dhimmoota dhiyataniif qoratee murtii kennuu aango ni qabaata.
- 6) Manni Murtii Bulchiinsaa falmii ijoo dubbii irratti murtiin kenu kan dhumaa ta'a, ta'us murtiin Mana Murtii Bulchiinsaa dogoggora seeraa qaba jedhee qaamni falmu murtiin mana murtichaa isa dhaqqabee guyyoota 60 keessatti ol'iyyannoo isaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiif dhiyeeffachuu ni danda'a.

## **82. Raawwii Murtii**

- 1) Manni hojii mootummaa kamiyyuu murtii Mana Murtiii bulchiinsatiin kenname guyyaa isa gahe irraa eegalee guyyoota hojii kudhan keessatti hojii irra oolchuu qaba.
- 2) Akkaataa Labsii kana keewwata 81(3) fi (4)tiin murtiin Mana Murtichaa guyyaa 30 keessatti naaf hin raawwatamne jechuun fayyadamaan murtichaa yammuu iyyatu Manni Murtii Bulchiinsaa murtichaa akka raawwachiisuuf Mana Murtii Aanaa dhimmi ilaalutti ni qajeelfamaaf.
- 3) Hoogganaan ol'aanaa mana hojichaa murtii Mana Murtichaa hin raawwachiifne miidhaa hojjatichaa fi mana hojichaa irra ga'uuf itti gaafatamaa ta'a.

### **Kutaa Kudha Tokko**

### **Waliigaltee Hojii Addaan Kutuu fi Dheeressuu**

## **83. Fedhii Ofiitiin Waliigaltee Hojii Addaan Kutuu**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu yeroo kamiyyuu dursee akekkachisa ji'a tokko kennuudhaan fedhii mataa isaatiin hojii gad lakkisuu ni danda'a. Haa ta'u malee, manni hojichaa salphaatti hojjatichaa bakka buusuu kan danda'u yoo ta'e yeroon ji'a tokkoo osso hin eegiin hojjatichaaf gaaffii gadi lakkisa hojii hayyamuufii ni danda'a.
- 2) Hojjetaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen akekkachiisa ji'a tokkoo dursee osso hin kenniin tajaajila isaa yoo addaan kute dirqama isaa bahuu dhabuu isaatiin miidhaa gahuuf seeraa hariiroo hawaasaa fi yakkaan kan itti gaafatamu ta'a.
- 3) Hojjatichi mootummaa hojiif baay'ee barbaachisaa fi salphaatti iddoosaa buusuun kan hin danda'amne ta'ee yoo argame, mana hojii fuuladuratti hojjatichi itti qaxaramu yookiin hojjaticha wajjin waliigaluudhaan gaaffii gadi lakkisa hojii guyyaa hojjetaan iyyatee irraa eegalee yeroo ji'a sadii hin caalleef dheeressuu ni danda'a.

## **84. Sababa Dhukkubaatiin Tajaajila Addaan Kutuu**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu Labsii kana keewwata 43 (2) fi (4)n yeroo ibsame keessatti gara hojiitti deebi'uu yoo dadhabee sababa dhukkubaatiin tajaajilli isaa addaan cita.

- 2) Labsii kana keewwata 59 (3)n kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hojjetaan mootummaa sababa hojii isaatiin miidhaan irra gahe ragaa mana yaalaatiin hojicha sababa miidhamaan itti fufiinsaan hojjachuu akka hin dandeenye yoo mirkanaa'e tajaajilli isaa addaan cita.
- 3) Hojjetaan mootummaa jijiirraan akkaataa Labsii kana keewwata 26 (3) (b)tiin raawwatamu irratti yoo waliigaluu baate tajaajilli isaa addaan cita.

## **85. Sababa Hanqina Dandeettiitiin Hojii Irraa Gaggeeffamuu**

- 1) Hojjetaa mootummaa yeroo yaalii isaa xumuure bu'aa raawwii hojii isaatiin hanqinni dandeettii yoo irratti mul'ate, leenjiawan barbaachisoo gahumsaa isaa cimsuu kennameefii yoo fooyya'u baate tajaajilli isaa addaan cita.
- 2) Hojjetaan mootummaa hojii itti ramadame dandeettii fi beekumsa qabuun gargaramee bu'aan raawwii hojii isaa yeroo sadiif walitti aanee yoo bu'aa eeggamu gadii ta'e, hanqina dandeettiitiin tajaajilli isaa addaan cita.
- 3) Tumaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 2 jiraatus, hojjetaan mootummaa walitti aanseee waggoota 5'f bu'aa madaallii raawwii hojii ol'aanaa argachaa ture bu'aan madaallii raawwii hojii yeroo afur walitti aanee bu'aa eeggamu gadi yoo ta'e malee, hojii irraa hin gaggeeffamuu.
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2) fi (3) tiin hojjetaan mootummaa tokko hojii irraa gaggeessuun kan danda'amu, akka barbaachisummaa isaatti kaayyoo madaallii raawwii hojii bu'uura Labsii kana keewwata 31 irratti kaawwamee hordofuun ta'a.

## **86. Sababa Humnaa Ol Ta'een Hojii Irraa Gaggeeffamuu**

- 1) Hojjetaan mootummaa yeroo yaalii isaa xumure, sababa humnaa ol ta'een hojii idilee isaa irratti argamu kan hin dandeenyee yoo ta'e, sababa isaa ji'a tokko keessatti mana hojii isaa beeksisuun qaba.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin manni hojii mootummaa sababni hojii irraa hafu hojjatichaan gabaafameef, dhimmicha hoogganaa ol'aanaa yookiin bakka bu'aa isaaatiif dhiyeessuudhaan sababni dhiyaate humnaa ol ta'uun isaa yoo mirkanaa'e gita hoji hojjatichi qabatee jiru ji'a jahaatiif duwwaa ta'ee turuu qaba. Ta'us hojjatichi ji'a jahaa keessatti hojiitti deebi'uun kan hin dandeenyee yoo ta'ee hojii irraa gaggeessuun ni danda'ama.
- 3) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jiraatus, sababni hojjetaan mootummaa ji'a jahaa oliif hojii isaa irratti argamuu dadhabeef hidhamuu isaatiin yoo ta'ee fi yakka itti shakkame irraa bilisaan gad lakkifamuu isaa ragaa yoo dhiyeeffate manni hojii isaa gita hojii duwwaa qabu irratti mindaa kanaan dura argachaa ture guyyaa hojiitti deebi'e irraa eegalee kaffalaafii gara hojiitti akka deebi'u taasisuu qaba.

- 4) Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 akkuma eeggametti ta'ee, hojjetaan mootummaa yeroo yaalii isaa xumure sababa manni hojii isaa hin beekneen walitti aansee guyyoota hojii 10 hojii idilee isaa irraa yoo dhabame, guyyaa hojii irraa dhabamee eegalee guyyaa hojii 10 booda garagaarummaa guyyoota hojii 10'n beeksisaa yeroo lamaa baasuun hojjatichi kan hin gabaasne yoo ta'ee hojii irraa ni gaggeeffama.
- 5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin hojjetaan mootummaa beeksifni waamichaa taasifameef guyyaa hojii irraa hafe irraa eegalee ji'a tokko osoo hin guutiin dura gara hojiitti deebi'uuf mana hojichaaf yoo gabaase hoogganaan mana hojichaa sababa hojii irraa hafeef ragaa isaa qorachuun tarkaanfii bulchiinsa fudhachuu akkuma eegametti ta'ee, hojjatichi gara hojiitti akka deebi'u ni taasifama.
- 6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame jiraatus, hojjatichi beeksisaa waamichaa baheen hojii irraa erga gaggeeffamee booda guyyaa hojii irraa hafee eegalee ji'a jahaa keessatti sababni hojii irraa hafeef humnaa ol ta'uu isaa ragaa quubsaa yoo dhiyessee fi mana hojichaa keessatti gitni hojii duwwaan walfakkaatu yoo argame, akkasumas hoogganaan mana hojichaa yookiin bakka bu'aan isaa yoo hayyamee hojiitti deebisuun ni danda'ama.
- 7) Hojjetaan mootummaa yeroo yaalii isaa hin xumurree sababa hin beekamneen ji'a tokkoo oliif hojii idilee isaa irratti argamuu yoo baate, haalduree tokkoo malee hojii irraa akka gaggeeffamuu ni taasifama.

## **87. Hojjetaa Hir'isuu**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu:
  - (a) Gitni hojii isaa yammuu haqamu; yookiin
  - (b) Manni hojichaa yammuu cufamu; yookiin
  - (c) Humni namaa hanga barbaadamuu ol yoo jiraate;

Akkaataa Labsii kanaa keewwata 30 (1) ramaduun yoo hin danda'amne yookiin hojjatichi gita hojii gadi aanaa irratti ramadamee hojjachuuf fedhii yoo hin qabu ta'e hojii irraa ni gaggeeffama.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) tiin hir'isuun kan taasifamu hojjatichi hojjettoo mootummaa mana hojichaa keessatti gita hojii walfakkaatu irra jiran wajjin yeroo dorgomu bu'aan raawwii hojii isaa fi dandeettiin isaa gadi aanaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'ee dha.

## **88. Sababa Naamuusaatiin Hojii Irraa Gaggeeffamuu**

Hojjetaan mootummaa akkaataa Labsii kana keewwata 69 (1) (f)'n adabbiin naamusaa kan itti murteeffamee fi ol'iyyannoo bulchiinsatiin kan irraa hin kaane tajaajilli isaa addaan ni cita.

## **89. Sababa Umriitiin Tajaajila Addaan Kutuu**

- 1) Hojjetaa mootummaa akkaataa Labsii kana keewwata 93tiin barri tajaajila isaa yoo dheerateef malee, dhuma guyaa ji'a dhumaa umriin sooramaa seeraan murtaa'e yeroo dhaqqabe irraa eegalee adeemsa dabalataa addaa malee tajaajilli isaa akka addaan citu ni taasifama.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin hojjetaan mootummaa sooramaan gaggeeffamu sooramaan bahuu isaa ji'a sadiin dura barreffamaan akka beeku taasifama.

## **90. Sababa Du'aatiin Tajaajila Addaan Kutuu**

- 1) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu guyaa du'ee irraa eegalee tajaajilli isaa addaan cita.
- 2) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa du'aatiin tajaajilli isaa yoo addaan cite mindaan ji'aa hojjatichi itti du'ee guutummaan guutuutti akkasumas bu'uura Labsii kana keewwata 41 (1)tiin hayyama boqonnaa waggaa hin fuudhatamiiniif kanfaltiin raawwatamu haadha warraa yookiin abbaa warraa yookiin dhaltoota seeraatiif ni kanfalama.
- 3) Seera sooramaan kan tumamee akkuma eegametti ta'ee, hojjetaan mootummaa kamiyyuu sababa du'aatiin tajaajilli isaa yoo addaan citu haadha warraa yookiin abbaa warraa yookiin maatii gargaarsa isaatiin bulaa turan kan barreffamaan mana hojichaa beeksiseef mindaan ji'oota sadii yeroo tokkotti ni kanfalamaaf. Ta'us haadha warraa yookiin abbaa warraa yookiin maatii gargaarsa isaatiin bulaa turan osoo hin galmeessisiin kan du'ee yoo ta'e qaama aangoo qabuun yookiin bu'uura ragaa Manni Murtii kennuun kanfaltiin ni raawwatamaaf.
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin kanfaltiin kennamuu gibiraa fi buusii sooramaa irraa bilisa ta'a. Akkasumas, idaadhaan qabamuu yookiin waldandeessisuun hin danda'amu.

## **91. Waraqaa Ragaa Tajaajilaa**

- 1) Hojjetaa Mootummaa kamiifiyyuu, waraqaan ragaa muuxannoo hojii kennamuuf gosa hojii raawwataa turee, bara tajaajilaa fi mindaa kaffalamaafii turee kan ibsu ta'uu qaba.
- 2) Hojjetaan mootummaa dirqama waliigaltee leenjii yookiin barnootaa kan qabu yookiin idaa kamiyyuu manni hojii mootummaa irraa jiru sababa kaminuu tajaajila waliigaltee yoo addaan kutu dirqama waliigalticha raawwachuu yookiin ragaan idaa irraa bilisa ta'uu ibsu osoo hin argatiin duraa waraqaan ragaa muuxannoo hojii hin kennamuuf.
- 3) Hojjetaa mootummaa hojiirra osoo jiru waraqaa ragaa muuxannoo hojii gaafatuuf tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa 2 raawwatiinsa hin qabaatu.

## **92. Tajaajilli Yammuu Addaan Citu Kanfaltii Raawwatamu**

- 1) Hojjetaa Mootummaa yeroo yaalii isaa xumure akkaataa Labsii kanaa keewwata 87tti sababa hir'isaatiin hojii irraa yoo gaggeeffamee fi waliigalteen hojii guyyaa addaan cite durgoon sooramaa kan hin kanfalamneef yoo ta'e:
  - (a) Waggaa tokkicha duraatiif mindaan isaa ji'a sadii;
  - (b) Dabalataanis tokkoon tokkoo waggoota tajaajila itti kenneef mindaa ji'aa harki 1/3 itti dabalamee,  
ni kanfalamaaf. Ta'us kanfaltiin kennamu mindaa hojjatichaa kan ji'a 12 caaluu hin qabu.
- 2) Hojjetaa Mootummaa yeroo yaalii xumuree fi waggaa tokkoo gadi tajaajileef kanfaltiin raawwatamu tajaajila isaa waliin kan walmadaale ta'a.

## **93. Yeroo Tajaajilaa Dheeressuu**

- 1) Hojjetaan mootummaa tokko umuriin isaa yeroo sooramaa erga gahee booda yeroo tokkotti hanga waggaa shanii walumagalatti yeroo waggaa kudhan hin caalleef tajaajila isaa dheereessuun ni danda'ama.
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hojjetaa mootummaa tajaajila isaa dheereessuun kan danda'amu:
  - (a) Barnoonni, beekumsaa fi dandeettiin addaa hojjatichaa, hojii mana hojichaaf kan fayyadu ta'ee yoo argame;
  - (b) Guddina sadarkaatiin, jijiirraadhaan yookiin qaxaraan hojjetaa bakka bu'uu argachuun kan hin danda'amne ta'uun isaa yoo mirkanaa'e;
  - (c) Hojjatichi hojichaaf gahaa ta'uun isaa ragaa mana yaalaan yoo mirkanaa'e;
  - (d) Hojjatichi tajaajila isaa itti fufuuf yoo waliigalee fi
  - (e) Gaaffiin yeroo tajaajila dheeressuuji'a sadiin duraa Biirichaaf dhiyaatee yoo hayyamamee dha.

### **Kutaa Kudha Lama**

### **Tumaalee Adda Addaa**

## **94. Qaxara, Guddina Sadarkaa, Dabala Mindaa fi Faayidaa Biroo Haquu**

- 1) Ragaa barnootaa yookiin muuxannoo hojii sobaa dhiyeessuun yookiin nama aangoo hin qabneen yookiin Labsii kana yookiin dambii fi qajeelfama Labsii kana hojii irra oolchuuf bahan yookiin seera biraan kamiyyuu darbuudhaan qaxara, guddina sadarkaa, dabala mindaa yookiin faayidaalee biroo raawwatame itti gaafatatummaan sirna naamusaa fi yakkaan dhaqqabsiisu akkuma eegametti ta'ee, hoogganuu ol'aanaa mana hojitiin yookiin Biirichaan yeroo kamiyyuu ni haqama.

- 2) Hojjetaan mootummaa qaxara, guddina sadarkaa, dabala mindaa yookiin faayidaan biroo jalaa haqame naamusaanii fi yakkaan gaafatamuun akkuma jirutti ta'ee, mindaa fi faayidaaleen biroo seeraan ala kanfalameef akka deebisu ni taasifama.
- 3) Itti gaafatamaan yookiin miseensi koree qaxara, guddina sadarkaa, dabala mindaa yookiin faayidaa biraakennaan beekaa yookiin dagannoo cimaadhaan hayyame akkaataa tuma sirna naamusaa, seera yakkaa fi hariiroo hawaasaatiin ni gaafatama.
- 4) Balleessaan keewwata kanaa keewwata xiqqaa 3 jalatti ibsame raawwatamuu isaa hoogganaa ol'aanaa mana hojii yookiin Biirichi irra yoo gahe; balleessaa raawwatame sirreessuuf tarkaanfiilee fudhachuu fi itti gaafatamicha yookiin miseensa koree seera yakkaa yookiin hariiroo hawaasaatiin akka gaafatamu taasisuuf balleessaa raawwatame ragaalee barbaachisaadhaan deeggaree qaama mootummaa dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuu qaba.
- 5) Murtii fi ajaja Biiron kenname qaama hin raawwanne Biirichi qaama qoratee himachuuf aangoon kennameefitti dhiyeessuudhaan tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu taasisu ni danda'a.

## **95. Aangoo Bakka Bu'iinsaa Kennuu**

- 1) Qaamni mootummaa kamiyyuu, qajeeltoowwan hoggansa qabeenya namaa Labsii kana keessatti tumameen hojjettoota isaanii bulchuu qabu.
- 2) Biirichi hooggansa qabeenya namaa si'ataa fi bu'a qabeessa taasisuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame aangoo fi itti gaafatamummaa Labsii kanaan kennameef manneen hojii mootummaatiif bakka bu'iinsaan kennuu ni danda'a.

## **96. Raawwii Labsichaa To'achuu**

- 1) Biirichi Labsii kana, dambootaa fi qajeelfamoota bu'uura Labsii kanaatiin bahan sirnaan hojiirra ooluu isaanii to'achuuf aangoo fi itti gaafatamummaa ni qabaata.
- 2) Biirichi akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1'tiin aangoo fi itti gaafatamummaa kennameef hojii irra oolchuuf yeroo kamiyyuu:
  - (a) Manneen hojii mootummaatti argamuudhaan yookiin kuusaalee fi ragaaleen biroon akka ergamaniif ajajuudhaan qorachuu fi;
  - (b) Ittigaafatamaa yookiin hojjattooni mootummaa dhimmi ilaalu jechaan yookiin barreeffamaan akka ibsan gaafachuu ni danda'a.
- 3) Biirichi akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2'tiin qoranoo taasisuun yookiin karaa gara biraa kamiinuu seerri cabuu yookiin loogiin raawwatamuu yoo irra gahe:
  - (a) Hojimaatni sirrii hin ta'iin akka sirreeffamu ajajuu;
  - (b) Dhimmichi hanga murtii argatutti raawwii isaa dhorkuu;
  - (c) Ittigaafatamaa hojii yookiin hojjetaa mootummaa gochichaaf ittigaafatamuu qabu irratti tarkaanfiin bulchiinsaa akka irratti fudhatamu taasisu fi

(d) Akkaataa Labsii kana keewwata (94)(4) jalatti tumameen raawwachuuuf aangoo ni qabaata.

### **97. Aangoo Dambii fi Qajeelfama Baasuu**

- 1) Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa Labsii kanaa raawwachiisuuf dambii baasuu ni danda'a.
- 2) Biirichi Labsii kanaa fi dambii bu'uura Labsii kanaatiin bahu raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

### **98. Tumaalee Ce'umsaa**

- 1) Biirichi ulaagaalee fi safartuuwwan sirna seensaa fi mirkaneessa ga'umsaa gitoota hojii duwwaa irratti iyyattoonni qorumsaan dorgomanii filatamuu itti danda'an hanga diriirsutti qaxara, guddina sadrakaa, jijiirraa fi ramaddii hojjettoota mootummaa safartuulee kanneen biroo Labsii kanaan tumaman qofaan raawwii isaanii itti fufa.
- 2) Dambii Sirna Raawwanna Naamusaa fi **Dhiyeeffanna Komii Hojjettoota Mootumama Naannoo Oromiyaa Lak. 36/1996** fi qajeelfamoonni Biirichi baase hojiirra jiran tumaa Labsii kanaatiin yoo walfaalleesseen alatti, dambiileen yookiin qajeelfamoonni bu'uura Labsii kanaatiin bahanii hanga bakka buufamanitti raawwatatummaan isaanii itti fufa.
- 3) Falmiwwan Labsiin kun osoo hin ragga'in dura jalqabaman akkaataa Labsii duraatiin ilaalamanii xumura kan argatan ta'a.
- 4) Hojjetaan mootummaa kamiyyuu mirgi akkaataa seera duraanitiin argate sababa labsamu Labsii kanaatin jalaa hin dhaabbatu.

### **99. Seerota Haqaman**

- 1) Labsii Hojjettoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 61/1994, Lak. 79/1996, Lak. 104/1997 fi Lak. 123/1999 Labsii kanaan haqamaniiru.
- 2) Labsiin, Dambiin, Qajeelfamoonni yookiin barmaatiileen hojii Labsii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Labsii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

### **100. Yeroo Labsichi Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyaa Caffeen ragga'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**

**Guyyaa Fulbaana 28 Bara 2011**

**Lammaa Magarsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**